# XIINXALA DANDEETTII SEERLUGAA BARATTOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 11^FFAA FI 12^FFAA MANA BARUMSAA SARBOO SADARKAA 2^FFAA

BUZUNASH DILLAA GALGOO

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF YUUNIVARSITII JIMMAA, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

**Hagayya, 2022**

**Jimma**

YUUNIVARSITII JIMMAA

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI HUMAANITIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU

# XIINXALA DANDEETTII SEERLUGAA BARATTOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 11ffaa FI 12ffaa MANA BARUMSAA SARBOO SADARKAA2FFAA

QOPHEESSITUU: BUZUNASH DILLAA GALGOO

GORSAA: Dr.ALAAMAYYOO FAQQADAA (PhD)

GORSAA AANTEE: CIMDII WAAQUMAA(Asso. Prof.)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOO FI OGBARRUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA’E, YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HIYUMAANITII DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

**Hagayya, 2022**

**Jimma**

## Mirkaneessa

Waraqaa qorannoo kana dhuunfaa kootiin jalqabaa kaasee hanga xumuraatti ulaagaa inni guutuu qabu guutudhaan hojjadhee xumureera.Bifa seera alaan hojii nama biraa irraa kan garagalfamee jiru akka hin taane nan mirkaneessa.

## Qoratuu

Maqaa: Buzunash Dillaa

Mallattoo:_____________

Guyyaa: ______________

Akka gorsaa yuunivarsiitiitti, waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhihaatu kanan mirkaneesse ta‟uu koo beeksisa.

**Gorsaa**

Maqaa:- _______________________

Mallattoo: _____________________

Guyyaa: ______________________

## Koree Waraqaa Qorannoo Kana Mirkaneesse

| **Maqaa** | **Mallattoo** | **Guyyaa** |
|---|---|---|
| Gorsaa Dursaa: ____________________________ | _____________ | __________ |
| Gorsaa Gargaaraa: _________________________ | _______________________ | |
| Qoraa Alaa:_______________________________ | _________ | __________ |
| Qoraa Keessaa: ____________________________ | | |

Baafata

Qabiyyee Fuula

Galata ..... vii

Tarree Gabateewwanii ..... viii

Gabaajeefi kottoonfachiiftuu ..... ix

AXAREERAA5 ..... x

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2. Ka'umsa Qoranichaa ..... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ..... 4

1.3. 2.Kaayyoo Gooree ..... 4

1.4. Barbachisummaa Qorannichaa ..... 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 5

1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 5

1.7. Qindoomina Qorannicha ..... 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ..... 7

2.1. Maalummaa Seerlugaa ..... 7

2.2. Dandeettii Seerluga ..... 9

2.3. Akaakuuwaan seerluga ..... 10

2.4. Tajaajila Seerluuga ..... 18

2.5. SeerlugaKeessatti Wantoota Dogoggoraaf Barattoota Saaxilan ..... 18

2.5.1. Maalumaa dogoggoraa ..... 18

2. 5.2 Madda Dogoggoraa ..... 19

2.5.3Akaakuu Dogoggoraa ..... 20

2.5.4.Dogoggora waliigalaa ..... 20

2.5.5.Dogoggora Ga'umsaa ..... 20

2.5. 6.Dogoggora tasaa ..... 21

2.6. Dayeessa Qorannoo ..... 21

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 24
3.1. Gosa Qoranichaa ........ 24
3.2. Saxaxa Qorannichaa ........ 24
3.3. Irraawwatama Qorannichaa ........ 25
3.4. Madda Ragaa ........ 25
**3.5. Iddattoofi Mala Iddatteessuu** ........ 25
3.6. Meeshaalee Odeeffannoon ittiin Funaaname ........ 26
3.6.1. Qorumsaa Seerlugaa ........ 26
3.6.2. Bargaaffii ........ 27
3.6.3. Afgaaffii ........ 27
3.6.4. Daawwannaa ........ 28
3.7. Fudhatamummaafi Amansiisummaa ........ 28
3.8. Mala Xiinxala Ragaa ........ 29
BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE ........ 30
Seensa ........ 30
4.1. Akakuwwaan seerlugaa walii galaatti kitaabilee kanneen keessatti dhihaatan ........ 31
4.2. Odeeffannoo Seendubee Barattootaa ........ 34
4.3. Xiinxala Ragaalee ........ 35
4.3.1. Sadarkaa Dandeetiin Seerluuga Barattootaa ........ 35
4.3.2. Gosoota Seeralugaa Keessa kan Barattootaatti Baay'ee Ulfaatan Addaan Baasuu ........ 39
4.3.3. Waantoota Dandeetti Seeraluga Barattootaarratti Guufuu ta'uu Danda'an ........ 45
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAA FI YABOO QORANNOO ........ 49
5.1. Cuunfaa Qorannichaa ........ 49
5.2. Argannoo ........ 50
5.3. Yaboo/Yaada Furmaataa ........ 51
WABIILEE ........ 52
Dabalee –A: Qorumsa Kutaa 11ffaa fi 12ffaa ........ 55
DABALEE "B": GAAFANNOO BARATTOOTAA ........ 59
Dabalee-C: Gaafannoo afgaaffiif dhihaate ........ 62
DABALEE "D": ULAAGAA DAAWWII KUTAA ........ 63
Dablee- E: Facaatii kuusaa firii Qormaataa Kutaa 11ffaa fi 12ffaa ........ 65

---


## Galata

Hunda dursa karaa hundaan isa na gargaare, imala milkaa’ina kana akkan ga’u isa na dandeessise: qormaata hojii qorannoo kanaa keessatti kan na mudate akkan mo’u isa godhe: akkasumas, bara koo hundumaattis abdiifi gaggeessaa koo isa ta‟e, waaqayyoon nan galateeffadha.

Tokkoffaa, hojii waraqaa qorannoo koo kana keessatti jalqabaa kaasee hanga xumuraatti dadhabe, nuffe osoo hinjedhiin kan gorsaafi qajeelchaa ijaarsaa naaf kennaa turan gorsaa koo Dr. Alaamayyoo Faqqadaa guddaan galateeffadha.Akkasumas gorsaa aantee koo Cimdii Waaqumaa (Asso.prof.) baay’een isaan galateeffadha.

Lammaffaa, ba’aa itti gaafatamummaa ijoollee keenya Irkoonaafi Geebboon baachuu qofa osoo hin taane, yeroo hundaa hamilee naaf kennuun na jajjabeessuun darbees jireenya maatii koo gargaaruun jalqabaa hanga dhumaatti kan na gargaare abbaa warraa koo Obbo Habtaamuu Gaaromaa baay‟een galateeffadha.

Sadaffaa, yeroon abdii kutetti hamilee gaarii akkan godhu kan gorsuun na tumsan hiriyoota koo barsiisota mana barumsaa Sarbo baayyee haa galatooman.

Dhumarratti, galma ga’iinsa waraqaa qorannoo kanaaf odeeffannoo barbaachisoo ta’an mara kan naaf kennan barsiisota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa barsiisan: barattoota kutaa sanaa, akkasumas itti gaaffatamtoota muummee afaaniifi hogganaa mana barumsaa Sarboo sadarkaa 2 ffaa yeroo odeeffannoo walitti qabaman gargaarsa taasisaniif galanni koo guddaadha.

## Tarree Gabateewwanii

Gabatee 1: Xiinxala gosoota gaaffiilee seerlugaa KBAO (kutaa 11)…………...……………….27

Gabatee 2: Xiinxala gosoota gaaffiilee seerlugaa KBAO (kutaalee 12)…………………………28

Gabatee 3: Odeeffannoo seendubee barattootaa…………………………………………………30

Gabatee 4: Dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa……..…………………..32

Gabatee 5: Dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 12ffaa…………………………33

Gabatee 6: Dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 11ffafi12ffaa…………………..34

Gabatee 7: Gosoota seeralugaa keessa kan barattootaatti baay’ee ulfaatanIlaalchisee-11……...35

Gabatee 8: Gosoota seeralugaa keessa kan barattootaatti baay’ee ulfaatanIlaalchisee-12……...38

Gabatee 9: Waantoota dandeetti seeraluga barattootaa irratti guufuu ta’uu danda’an…………..41

## Gabaajeefi kottoonfachiiftuu

A/O: Afaan Oromoo

BBO: Biiroo Barnoota Oromiyaa

Hub: Hubachiisa

KBAO: Kitaaba Barataa Afaan Oromoo

M: Mean (Avereejii)

M/b: Mana Barumsaa

Sad.: Sadarkaa

SD: Istaandardii Deveeshinii

WBA: Waajjira Barnoota Aanaa

# AXAREERAA

*Kanayyoon ijoon qorannoo Kanaa dandeettii seerluga barattoota Afaan Oromoo kuaa 11$^{ffaa}$ fi kutaa 12$^{ffaa}$ mana barumsaa Sarboo sadarkaa 2$^{ffaa}$ dandeettii seerluga isaanii xiinxaluu ta'a.Qorannoon adeemsifame kunis Godina Jimmaa, aanaa Qarsaatti mana barumsaa Sarboo sadarkaa 2ffaa, yammuu ta'u, kaayyoo qoranno kanaa galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaafi ammamtaa (makoo)ti ifayyadameera. Mana barumsaa kana keessaa barattoonni 118 mala carraa salphaan, barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa kanaa baay'inni isaanii lama ta'an mala hundayyuutiin iddattoo qorannicha keessatti hamatamaniiru.Akkasumas, qorannoo kana keessatti meeshaaleen funaansa ragaalee: bargaaffii, afgaaffiifi qormaata fayyadamuun ragaaleen funaanamanii jiru.Ragaaleen kunis, mala qaaccessa ragaalee lakkoofsaan olanaan%75-100,giddu galeessi%50-74,gadaanaan %25-49, daran gadaanaan %0-24% ta'uun isaanii mala qaaccessa lakkoofsa (deddeebi'aa (F), parasantage (%),avereejii-mean(M) fi Istandardi deveshinii (SD) fi jechaan qaacceffamanii dhihaatanii jiru.Firiin qurumsa isaanii irraati hundaa'uu dhaan kan kutaa 11ffaa avereejii 52.18, fi Istandardi deveshinii 12.44 kan kutaa 12ffaa immoo, avereejii 58.96 fi Istandardi deveshinii 12.19 yoo ta'u wal umaa galatti kan kutaa lamaanii avereejii 55.57 fi Istandardi deveshinii12.32 ta'ee argameera.Argannoon qorannoo kanaarraa argame akka agarsiisutti, sadarkaan dandeettii seerluga barattoota Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaa giddugaleessa ta'ee argameera. Akkasumas, gosoota seerlugaa keessaa kan barattoota kutaa 11ffaatti baayyee ulfatu "hennan" ta'ee argameera.Kunis kan inni ittiin adda ba'ee mullachuu danda'ee firii qormaata barattoonni qoramaniin adda ba'ee mullachuu danda'eera. Haluma walfakkaatuun kan barattoota kutaa 12ffaatti baay'ee ulfatu ammoo gaalee fi ciroo adda baheera.Dabalees, wantoonni dandeettii seerluga barattotaatti guufuu ta'uu danda'an, barattooni kaka'umsa dhabu, hir'ina shaakalaa, seera seerlugaa hubachuu dhabuu, wayitiin kennameef xiqqachuu yemmuu ta'u. Akka yaada furmaataatti Barsiisoonni Afaan Oromoo barsiisan shaakala seerlugabarattoonni taasisanirratti duubdeebii ijaaraa ta'e kennuun barattoota kakaasuu, BBOn kitaabilee barbachisan guutuu, barattoonni ammo, seerluga irratti xiyyeeffannoo kennuun qaamonni kun gahee qaban beekanii osoo hojiirraoolchanii gaariidha*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan kan ittiin yaada ibsatanii fi walqunnamaniidha.Tajaajila afaanii kanaa akka armaan gaditti ibsa “Language has ideational function which emphasiss it as an instrument of thought and has texual function which emphasiss language as instrument of communication.” (Finch, 2005:89) Kanaaf afaan kun akka sirnatti sagalee afaan tokkotii kaasee hanga caasaa guddaatti uunkaalee xinqooqaa jiran akkuma afaanitti nu dhufanitti walitti hinsuphinu.Sirna afaanii ammoo sadarkaalee garagaraatti ilaalamuu danda’a sadarkaa sagalee, sadarkaa seerlugaa, sadarkaa hiikaa fi sadarkaa haalaa ta’u.

Ogummaawwan baayyeen jiraachuu danda’u, isaan keessaas: ogummaa dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, jechootaafi ogummaan seerlugaa bu’uura.Barattootni dandeettiwwan kanneen gabbifachuu keessatti hunduu watumsu.Isaan kana keessaa afaan oromootiin dubbisuufi barreessuuf beekumsi gama seera caasaa afaanichaatiin yookiin seerlugaan jiru gumaacha guddaa qaba.

Kanaafuu, caaslugni sadarkaalee afaanii keessa tokko kan ta’eefi ofisaatii caasaalee adda addaa qaba.Akka hayyootni seerluga duudhawanii xiinxalaanitti caasaa afaan tokko xiinjechaafi xiinima qofa ilaallata.Haata’uu malee hayyoonni xinqooqa ammayya caaslugni xiinxala caasaa sadarkaa sagaleetii eegaluu akka qabu yaada bu’uuraa kaa’aniiru. (O’Grady, 1996)

Afaan tokko afaan kan taasisaan keessaa tokko seerluuga ta’uun isaa ni beekama. Haa ta’uu malee barattootni baay’een kana hubachuuf ni rakkatu. Sabaaba kana irraa kan ka’ee waan hubachuu qabaan ossoo hin hubatiin yeroo hafaan hin dhiphaatu.Barattootni afaanii kamiyyuu waan hubachuu qaban keessaa inm tokko seerluugni wantoota afaniiniis ta’e barreefamaan ibsamaan keessatti isa ijoo fi bu’uuraa ta’uu isaati.Kanaafuu seerluuga siritti hubachuuf yoo barbaanne irraa deddeebinee shaakala gochuun murtessaa dha.Seerluugni afaan kamifiyyuu bu’uura dha. Kan inni hojiirra ooluu sadarkaa himatti ta’ee duura duuba isaa eegee haala tartiiba jechaan kan walitti qinda’ee dhiyaatu dha (Zhang, 2009).

Seenaan barnoota seerlugaa walitti bu'insa soona qo'annoo isa afaan dhalootaafi afaan lammataa yookin afaan alaa jidduutti mul'ataa tureen kan walqabate yoo ta'u har'allee kan itti fufeedha (Richards and Rogers, 2001).

Sababni waliigaltee dhabiinsa kanaa kan madde, akka yaada hayyuu kanaatti, garaagarummaa hiikaalee namoonni adda addaa seerlugaaf laataniidha. Hikni hunduu ilaalcha barmootaa irratti kan hundaa'an ta'ee barumsa seerotaa, tartiibaawwan jechonni walitti dhufanii fi caasluuga barnoota himtee mataa isaa danda'ee afaanota biro irratti hojii irra oolu ta'uu isaa kan ibsudha.

Ilaalchawwan hayyuulee adda addaatiin dhiyaatan kan faallaa barsiifata, (Nasr, 1972; Atkins, 1995) Saaynsii xin-afaanii (Linguistic Science) irratti kan bu'ureeffate ta'ee, walumaa galatti haala barumsa afaan tokkooffaadhaan walitti bu'insi hin uumamneen waliindubbiirratti kan xiyyeeffateedha. Akka ilaalcha tooftaa barnoota afaanii barsiifataatti, caaslugni akka sirna Caasota xin-himaa (System of Rules of Syntax) kan tartiiba jechoonni walitti dhufanii himoota 'sirrii' ta'an itti ijaaran yoo ta'u akka isa ammayyaatti tooftaalee namni tokko hojii waliindubbii keessatti ergaa hiika qabeessa ittin dabarsuudha. (Atkins, 1995,f, 83).

Himni tokko walitti dhufeenya (Tartiibaan) jechootaatiin malee sirriifi hiika qabeessa ta'uu wanta hindandeenyeef qabxii "tartiiba jechootaa" jedhu kanallee kan of keessaa qabu ta'ee xiyyeeffannaa seerlugaa garuu hiika dabarsuurratti ta'e caasaa seerlugaa (Form), hiika isaafi (Meaning) hiika walittidhufeenya jiruuf jireenya hawaasaa keessatti uumamu (Pragmatics) kan of keessaa qabu dha.

Akka waliigalaatti, seenaan barnoota seerlugaa ilaalchawwan barmootaafi isa ammayyaa namoonni adda adda qaban kana yoo fakkaatu, tooftaa barumsa waliindubbii seerlugaa, keessumattuu kan Afaan Oromoo ilaalchiisee, qorannoon adeemsifame akka waliigalaatti hinargamne. Haa ta'u malee, namoonni tokko tokko (Genenew, 1992; Lema Gemechu,1997) mata dureewwan "The Problem of Teaching Grammar" fi "Teaching Passive Voice" akka tartiibaatti ta'anirratti caasaalee gooreewwan seerlugaarratti qorannoo adeemsiisanii jiru. Haa ta'u malee kun kan hojiirra oolinsa tooftaa barumsa waliinubbii seerlugaa faana taru miti.

Kana malees, adeemsa barnoota Afaan Oromoo keessatti, tooftaa ammayyaa barnoota seerluga afaan kanaa ilaalchisee,wantii argame hinjiru.Akka muuxxannoo qoratichaatti Afaan Oromoo dhibbeentaa irra jirinsi akka afaan tokkoffaatti akkasumas barattoota muraasaaf akka afaan

lammataatti kan barsiifamuudha. Kanaafuu, barattoonni beekkumsa caasaa afaanichaa, aadaafi kan kana fakkaatan haala salphaa ta'een waan hubataniif haala waliindubbiitiin osoo baratani filatamaa akka ta'e hayyuuleen barnoota afaan lammataa (Harmer, 1987; Akkins,1995) ni hubachiisu.

## 1.2. Ka'umsa Qoranichaa

Seerluugni hima qofa ossoo hintaanee kanneen sadarkadhaan hima gadii ta'aan hedduu of keessatti qaba.Isaniis: sagalee, dhamsaga, jechaa fi kan kana fakkaataaniidha. Caaslugni tartiiba jechootni hima keesatti galan jechuunis seera jechonni ittiin hiriranii dhaamsa ykn ergaa guutuun ittiin dabarsanii fi seera caasaa afaan tokkooti.

Barnoota afaanii keessatti dandeettiin seerluga iddoo olaana qaba.Dandeettii seerlugaa barattoonni akka gonfataniif karaa garaagaratiin tumsa gochuun barbaachisaa dha.Tumsa kanaaf akaakuu dandeettii seerlugaafi akkaataa barattoonni itti hubatan xinxaluun barbaachisaadha. Qorannoo Yiheeyyis Siyyum kan bara 1999 A.L.itti mataduree''seerluga afaan oromoo kutaa 9ffaa manneen barumsaa muka xurii fi caancoo tooftaa waliin dubbii'' jedhu irratti kan qorannoo geggeesse waliin wal fakkeenyaa fi garaagarummaa isaan qabantu sakatta'ame Garaagarummaan isaanii immoo, qorannoon Yiheeyyis dhimma seerluga afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisuu manneen barumsaa muka xurii fi caancoo tooftaa waliin dubbii irratti yommuu ta'u , qorannoon koo immoo xinxalaa danddeetii seerluga baratootaAfaan Oromoo mana barumsa sarboo sadarkaa lamaffaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa irraatii kan xiyyefatudha.

Kanaaf qorattuunis muuxannoo kanaan dura qabdu irraa ka'uun barattoonni yeroo baay'ee dandeettii seerlugaa hubachuufi maal maal akka of keessatti hammatu hubachuu irratti waan rakkoo qabaniif, barattoonniAfaan Oromoo mana barumsaa Sarboo sadarkaa lamaffaa hamma sadarkaa kana ga'anitti dandeettii seerlugaa irratti hammaam hubannaa akka qaban qorannoo irratti geggeessuun adda baasuun barbaade. Innis qaawwa jiru tokko duuchuuf, ibsa bal'aa dhimmicha irratti kennuufi kan kana fakkaatan ta'uu isaatii.Kanaafuu, gaaffileen armaan gadii wiirtuu qorannoo kaanaati:

1. Dandeetiin seerluga barattoota Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 mana barumsaa Sarboo sadarkaa akkamiira jira?
2. Akaakuu seerlugaa keessaa kamtu barattootaatti baay'ee ulfaata?

3. Waantoota dandeetti seerluga barattootaa irratti guufuu ta'uu danda'an maal fa'a?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, dandeetii seerlugaa barattoota sadarkaa 2ffaa mana barumsaa Sarboo xiinxalamee dha.

### 1.3. 2.Kaayyoo Gooree

1. Dandeetiin seerluga barattoota kutaa 11 fi 12 mana barumsaa Sarboo sadarkaa akkamiira akka jiru adda baasuu.
2. Akaakuu seerlugaa keessaa kan barattootaatti baay'ee ulfaata ta'e addaan baasuu
3. Waantoota dandeetti seerluga barattootaa irratti guufuu ta'uu danda'an maal fa'a akka taa'an ibsuu.

## 1.4. Barbachisummaa Qorannichaa

Qorannoo kun erga adeemsifamee xumuramee booda faayidaalee gara garaa kenna.Faayidaalee inni kennuu danda'us kanneen armaan gadiit.

- ✓ Barattoonni mana barumsaa Sarboo sad.2ffaa mana dubbisaa keessaa fuhachuudhaan akka wabiitti itti fayyadamuu danda'u.
- ✓ Barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa Sarboo sadarkaa 2ffaa barsiisan dandeettii seerluga barattootaa cimsuuf waantota xiyyeeffannaan gochuu qaban irratti hubannoo gahaa argachuu danda'ʿu ta'a.
- ✓ Qopheesittoota silabasii baranootaa, kitaabilee wabiifi kitaaba barataa afaan oromoo qopheessaniif mataduree kanarratti galtee ta'uu danda'a.

Kana malees, namoota qorannoo bal'aa dhimma kanarratti adeemsisuu fedhaniif argannoo isaa akka ka'umsaatti fayyaduu danda'a ta'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoo kana kallattii lamaan daangessuun barbaachisaadha.Kallattii tokkoffaan mata dureen kan daanga'e yommuu ta'u, kallattii lammeffaaan ammoo bakkaan daanga'ee jira.Haata'u malee sababoonni qorannichi akka daanga'u taasisan jiru.Isaanis, sababa hanqina yeroo fi baasii guddaa waan gaafatuuf qorannicha daangessuun barbaachisaa dha. Kanaaf qoratichi qorannoo isaa yeroo daangessu gosa, bakkaan daangeffamee jira.Bakki irratti geggeeffamuuf dangefames, Godina Godina Jimmaa Aanaa Qarsaa. Aanaan Qarsaa Aanaalee Godinichaa 22 keessaa tokko yommuu taatu, Anaanaan kun immoo, Manneenbarnootaa Sadarkaa 2ffaa 5 kan qabdu kessaeea manni barumsaa Sarboo sarkaa 2ffaa filatameera. sababiin Manni barumsaa  kun filatameefis, Waa'ee mana barumsaa kanaa qorataan hubannoo waan qabuuf, itti dhiyeenyaan  ragaalee qorannichaaaf barbaaachisan argachuu dandeessetti.

odeeffannoowwan barbaachisu manneen barumsaa kana mararraa walitti qabuunis dandeetti qorattittiin oli. Kanaafuu daangaan qorannoo kanaa:

- Manneen barumsa sadarkaa lammaffaa aanaa Qarsaa keessaa jiraan keessa mana barumsaa sadarkaa lamaafaa sarboo qofa wiirtuu qorannoo kanaa godhachuufi kutaalee adda addaa (9-12) jiran keessaa kutaa 11 fi 12ffaa barattoota jiran 621 keessa barattoota 118fi barsiisota daree sana barsiisan lama qofarratti kan xiyyeeffateedha. Sababni kutaa kanarratti xiyyeeffatameef inni duraa barattootni kunniin Afaan Oromoo akka Afaan 1ffaatti waan barataniif, inni itti aanu barattootni kunniin sadarkaa barnoota olaanaa keessatti waan argamaniif qorattittiinkutaa 11ffaa kana filattee jirti. Dabalataanis, waggoota lamaaf kutaa kana barsiisaa waan turteef ragaalee barbaachisaa ta‟an argachuudhaaf haalli mijatan jiraachuu danda‟a jettee waanamanteef.
- Dhimmoota mataduree ilaalchisee gosti barnoota afaan Oromoo ogummaa gurguddoo afaanii qabatan illee qorannoon kun dandeettii seerlugaa barattootaa qofa irratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo geggeeffamu kam keessatti hanqinoonni akka jiran kan walnama gaafachisuu miti.Haaluma walfakkaatuun, hanqinni qorannoo kanaa: barruulee hedduu (hamma barbaachisu) sakatta'uu dhabuu,barreeffamoota garaagaraa sirriitti mata duree kanaan wal ilaallatan dhibuu,

kan jiraanis gadi fageenyaan ibsuu dhiisuu, akkasumas raagaafi odeeffannoo yeroon argachuu rakkisaa ture.

Haata'u malee, yeroo jiruutti seeraan dhimma itti ba'uudhaan, baruulee garaagaraa sakkata'uu, qorannoo garaagaraa mataduree kanaan walfakkatan;kanneen sadarkaa Mastersiin (M.A) walmadaalan baay‶ee ta‶uullee baatu muraasa isaanii gara mataduree kanaatti fiduun ilaaluun danda‶ameera.Akkasumas,wanta qorataa tokkorraa eegamu guutuun hamma danda‶ametti haala iftoominaafi naamusa qabuun odeeffannoo kennitootatti dhihaachuun kaayyoofi barbaachisummaa qorannoo kanaa sirriitti hubachiisudhaan odeeffannoo ga‶aan karaa qormaataa argamuu danda‶eera.

## 1.7. Qindoomina Qorannicha

Qorannichi bakka gurguddoo shanitti qoodamee jira. Boqonnaan tokko seensa qorannichaa walii galaan addeessa. Kunis, seenduubee, ka‶umsa, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi qidoomina qorannichaa of keessatti qabatee jira. Boqonnaan lama sakatta‶aa barruuti. Boqonnaa kana keessatti barruulee yaaxxinaafi barruulee walfakkiitu dhihaate. Boqonnaan sadii immoo mala qorannichaati.Mataduree kana jalatti saxaxa, malaawwan qorannichaa, madda odeeffannoo, mala filannoo iddattoo, meeshaalee funaansa ragaa, adeemsa ragaa walitti qabuufi mala qaaccessa ragaalee faatu dhihaate.Boqonnaan afur qaacceessa ragaaleeti. Kutaa kana keessatti ragaalee firii qormaataafi wantoota dandeettii seerlugaa barattoota afaan Oromootti rakko ta'an xiinxalamee ka‶amee jira. Boqonnaan shan goolabaafi yaboodha. Mataduree kana jalatti xiinxala ragaalee irraa argannoowwan argaman duraaduubaan erga dhihaatanii booda; argannoowwan kanneenirratti hundaa‶uudhaan qorattuun hanqinoota jiran furuuf wantoota furmaata jettee yaaddu yaboo kutaa kana keessaatti dhiheessitee jirti.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Maalummaa Seerlugaa

Afaan kan ittiin yaadaniifi walquunnamaniidha. Kun ammo kan dhala namaa qofaaf kenname ta'uu nutti agarsiisa. Kana jechuun ammoo afaan dhala namaaf haala jireenyaa keessatti walii galuuf bu'aa guddaa kan buusaa jiruudha. Tajaajila afaanii kanaa akka armaan gaditti ibsa, "Language has ideational function which emphasiss it as an instrument of thought and has texual function which emphasiss language as instrument of communication (Finch (2005, f.89)" Kanaaf afaan kun akka sirnatti sagalee afaan tokkotii kaasee hanga caasaa guddaatti uunkaalee xinqooqaa jiran akkuma afaanitti nu dhufanitti walitti hinsuphinu. Sirna afaanii ammoo sadarkaalee garagaraatti ilaalamuu danda'a sadarkaa sagalee, sadarkaa seerlugaa, sadarkaa hiikaafi sadarkaa haalaa ta'u. Seerlugni afaan tokkoo adda durummaan bifa jechootaa fi walitti dhufeenya isaan waliin qaban qorata. Yaada keenya ifaafi bu'a qabeessa ta'een ibsuuf jechoota sirritti walitti qabnu baruuf seerlugaa beekuudha

Dandeettiin baayyeen jiraachuu danda'u, isaan keessaas: dandeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, jechootaafi dandeettiin seerlugaa bu'uura. Barattootni dandeettiwwan kanneen gabbifachuu keessatti hunduu waltumsu. Isaan kana keessaa Afaan Oromootiin dubbisuufi barreessuuf beekumsi gama seera caasaa afaanichaatiin yookiin seerlugaan jiru gumaacha guddaa qaba.

Kanaafuu, seerlugni sadarkaalee afaanii keessa tokko kan ta'eefi ofii isaatii caasaalee adda addaa qaba. Akka hayyootni seerluga duudhaawwanii xiinxalaanitti caasaa afaan tokko xiinjechaa fi xiin hima qofa ilaallata. Haata'uu malee hayyoonni xinqooqa ammayya caaslugni xiinxala caasaa sadarkaa sagaleetii eegaluu akka qabu yaada bu'uuraa kaa'aniiru.(O'Grady,1996)

Dabalataanis, seerlugni sirna caasaa afaanii hunda akka walii galaatti kanneen akka xiinhimaa, xiinhiikaa akkasumas, yeroo tokko dhamsagaafi xiinhiika of keessatti hammata. Akkasumas, seerlugni seera amala xiinqooqa dubbattoota garee tokkoo kan addeessudha.

Akka Addunyaan (2012) Galmee jechaa "The Macmillan English Dictionary fi Greenbaum and Nelson (2018)" wabeeffachuun ibsetti, Seerlugni seera qindoomina caasaalee afaan tokkoo kan to'atudha.Seerlugni hojii sammuu kan dubbattootni waan beekaniifi waan haaraa dubbatanii akka uumuufi hiikuus danda'an kan heyyamu tooftaa hojii sammuuti jedha.

Gama biroon, qorataan afaanii O'Grady (1996) akka ibsutti, Grammar is a mental system that allows speakers to form and interpret familiar and novel utterances'' jechuun hiika. Ergaan yaada qorataa kanaas seerlugni hojii sammuu kan dubbattoonni waan beekaniifi waan haaraa dubbatan akka uumuufi hiikuus danda'an kan eyyamu tooftaa hojii sammuun raawwatuudha. Haaluma walfakkaatuun, xinqooqa keessatti seera qindoomina caasaalee, qabiyyeewwan himootaa, gaalewwaniifi jechootaa kan afaan jiru kamiiyyuu akka ta'eefi seerota kanas kan qoratu, kanneen akka xiinlatii (morphology), xiinhima (syntax)fi dhaamsaga (phonology), xiinsaga(phonotics), xiinhiika(semantics) hiikni yaadaas akka achi keessatti ilaalaman toorri interneetii ( https:// en-m. Wikipedia.org/ wiki/ Grammar yommuu ibsu,"In linguistics, grammar is the set of structural rules governing the composition of clauses, phrases, and words in any given natural language. The term refers also to the study such rules, this field includes morphology, syntax, and phonology, often complemented by phonetics, semantics, and pragmatics." Yaadota hiika seerlugaa irratti kenname yommuu ilaallu hiikni isaa tokkoofi tokko jechuurra yaadota kennaman ilaaluun gaarii ta'a. Haaluma kanaan seerlugni:

- Seera qindoomina caasaalee afaan tokkoo akka ta'e;
- Seera aafaanichaas akka to'atuufi
- Haala yookiin adeemsa jechoonni afaan tokkoo walitti qindaa'uun unka hiika qabu uumuu danda'an ta'uu akka danda'u ilaaluun nidanda'ama.

Karaa biratiin akka hayyuuleen adda addaa ogummaa barumsa afaan alaa yookin lammataarratti himteefi hojiirra oolinsa saarratti hirmaatan teessisanitti, hiika seerlugaa isa dhiphaafi bal'aa jedhanii teessisuun nidanda'ama (Nasr, 1972; Ur, 1996; Free-man, 1991; Atkins, 1995).

Hiikni seerlugaa isa dhiphaan maalummaa seerlugaa isa durii qofa osoo hintaane, kaayyoo, tooftaafi xiyyeeffannoo afaan barsiisuu duubatti hafaa hojii baruuf barsiisuu afaanii kan haalaan ibsuudha. Maalummaan akkaakuu hiika kanaa, yoo ilaallamu, mala jechoonni adda addaa himoota sirrii ta'an ijaaruuf walitti qinda'aniidha. Hiikni kun caacculee afaanii adda addaa keessaa 'himoota' qofa akka meeshaatti of keessatti qabata. Qaamota himootaa isa olittiifi gaditti argaman, kan hiika ykn ergaa guutuu dabarsuu danda'an kan hammate miti. Haala hiika kanaatin, Kaayyoon barnoota seerlugaa hiimoota haalaa sirrii ta'en ijaaruu danda'uudha (Nasr, 1972). Ur (1996) halaa walfakkatun yadaa kana yommuu ibsu, "Grammar is sometimes defind as the way the words are put together to make correct sentences" jedha.

Akka waraabbii kanaatti, xiyyeeffannoo guddaan adeemsa baruuf barsiisuu afaanii keessatti kan laatamu sirroomina himootaatiif waan ta’eef barattoonnifi barsiisonni waliindubbii yookin shaakala dubbiitiif bakka hin laatan. Haa ta’u malee, gosti hiika seerlugaa kun, akka Atkins (1995) fi Nasr (1972) jedhanitti, adeemsa baruuf barsiisuu afaanii keessatti jabeenya mataa saa niqaba. Innis, walitti dhufeenyi jechootaa hiika yookin ergaa tokko dabarsuuf baayyee barbaachsaa dha.

Hiikni bal’aan seerluga (Comprehensive Meaning of Grammar) yoo isa dhiphaa kanaan madaalamu, caasaawwan adda addaa sadarkaa sagaleetii hanga qaamole dubbii yookin barreeffama himaa ta’anii eergaa guutuu dabarsuu danda’an mara; garaagarummaa sagaleessuu (Variation in Pronunciation), kan qubeessuu (Spelling Variation); haalota saala afaan adda addaa keessatti addaan baasaniifi kan kana fakkaatan kan dabalatuudha (Ur, 1996,f,75) Akka yaada hayyuu kanaatti, rakkooleen adda addaa dubbii afaan lammataa keessatti muudachuu danda’an garaagarummaa caasaalee adda addaa afaanota adda addaa biroo keessatti mul’ataniidha. Hiikni kun, akka hayyuu kanaatti, gaafilee, “haalli hiika kana kan dhiphaatin walfakkeessu maali? qabxiileen hiikaalee lamaan adda godhan maal fa’i? Jedhan deebisuu kan danda’uudha.

Walumaa galatti barattoonni dandeetti serlugaa qabu jechuun kan dandaa’amu sadrkaa 2ffaa keessattu kutaa 11ffaafi 12ffaa keessatti kanneen akka birsagaa, xiinlatii, xiin himaafi xiin hiika yoo sadarkaa kanatti adda baafachuu dandaa’anidha.

## 2.2. Dandeettii Seerluga

Seerlugni afaan tokkoo adda durummaan bifa jechootaa fi walitti dhufeenya isaan waliin qaban qorata. Yaada keenya ifaafi bu’a qabeessa ta’een ibsuuf jechoota sirritti walitti qabnu baruuf seerlugaa beekuudha. Seerluga irratti dandeettii qabaachuun barbaachisaa waan ta’eef bakka namni dhuunfaa tokko of ibsuu danda’u, waa’ee yaadaafi miira isaa haasa’uu, haasa’uu beekuu, namoota waliin walitti dhufeenya uumuu, odeeffannoo gaafachuu, waan jaallatuufi jibbin itti ibsu, gorsa kennuufi akeeka isaa itti mirkaneessudha**.**

Barattootni dandeettii arfan afaanii qabachuu isaanii dura Afaan Oromoo fayyadamuu keessatti seera isaa beekuu qabu. Seeronni afaan keessatti argaman kun seerlugaa jedhama. Seerlugaan dandeettii hunda keessatti wanta baayyee barbaachisaadha, sababni isaas dandeettii barattootaa guddisuuf akka bu’uuraa ta’ee gahee waan qabuuf. Akka Haussamen, Benjamin, Kolln, &

Wheeler (2003) jedhanitti caaslugni iddoo biqiltuu aartii afaanii irratti bu'ureeffamee dhaabbatuudha. Seerluga afaan sanaa mataa isaatiif aartiidha jechuudha. Caaslugni akkaataa afaan itti fayyadamnu waan agarsiisuuf walqunnamtii keessatti gahee guddaa akka qabu (Ismaa'il ,2010, akkuma Apsari,2018 keessatti caqasame) deeggareera.

Farisatma, Nasmilahfi Rahman (2017) akka jedhanitti seerlugni qaamolee Afaan Oromoo keessaa tokko yoo ta'u dandeettii afaanii hunda kan akka dubbachuu, dubbisuu, fi barreessuu keessatti gahee guddaa qabaachuun baay'ee barbaachisaa dha. Haala walfakkaatuun,akka yaadni kun Haryudiniifi Argawati (2018) ibsa seerlugaan mata dureewwan hedduu kan barattoota' sammuutti qabachuu fi hubachuu irratti burjaajessu danda'an ofkeessatti qabatee akka jiru ibsaniiru.

Jechi "dandeettii seerlugaa" jedhu Chomsky'n kan jalqabe yoo ta'u, innis "beekumsa afaan tokko keessatti dubbataafi dhaggeeffataan waa'ee isaa beekuu qabaniidha" (Chomsky, 1965,f,4). Akka Yule (2010,f, 194) jedhutti dandeettiin seerlugaa jechootaa fi caasaa sirriitti fayyadamuu of keessatti qabata. Tanaka (n.d:51) dandeettii seerlugaa kutaa dandeettii walqunnamtii keessaa isa barbaachisaa ta'uu isaa shakkii hin qabu jedhee amana ture. Tanakaan (n.d.:51) warri dandeettii seerlugaa gaarii qaban; (1) seera bu'uuraa afaan oromootti dammaqo ta'uu, fakkeenyaaf, tartiiba jechootaa, walfudhachufi walqabsiisa gocha; (2) kaayyoo walqunnamtiif kan ta'an jechootaa walduraa duuba isaa eeggate ijaaruu danda'uu (3) gocha bifa tokkoon jiru walitti fiduu danda'uu. (4) ijaarsa barame kan yaadota waliin walqabatan, kan akka didda, waldorgomsiisuu, fi modality, istookii qabachuu; (5) haasaa uumamaa keessatti jijjiirama seerlugaa kenname tokko fudhatama qabaachuu fi dhiisuu isaa ilaaluu fi murteessuu danda'uu, akkasumas (6) akka barbaachisummaa isaatti afaan isaanii ofumaan gulaaluu danda'uu. Millrood (2014,f, 260), akka jedhutti, dandeettii seerlugaa akka tuuta seeraa fi dandeettii afaanii barattootaaf barbaachisanitti ilaaluun ni danda'ama; innis (1) hima sirrii uumuu, (2) hubachuu, (3) dogongora seerlugaa sakatta'uu, (4) bifa afaanii sirrii fi sirrii hin taane murteessuu, fi (5) hojii qormaata afaanii hojjechuu.

## 2.3. Akaakuuwaan seerluga

Caaslugni, seera caasaa afaan tokkoo kan sadarkaa garagaraa to'atudha. To'annaan kun ammoo, duraa-duuba jechootaafi caasaalee, wal-ta'iinsa matimaafi gochimaa, buufata gareewwan jechootaafi waan kana fakkaataan ilaallata.

### A.Birsaga

Birsagni caasaa dhamsagaan yookiin walta'insa dhamsagootaatiin ijaarameedha. Afaan Oromoo keessatti birsagni tokko dhamsagaafi dhamsagootaarraa ijaaramuu danda'a.Kanaafuu dhamsagni tokko yookaan  dhamsagoonni walta'uun birsaga ijaaru jechuudha.Sadarkaa birsagaatti kaayyoon ijaarsa dhamsagootaa wal-faanommii agarsiisuuf malee hiika agarsiisuuf miti.Haata'u malee,adeemsicha keessatti birsagni hiika-qabeessi argamuu danda'a (Addunyaaa,2021,f,29).

### B.Fufiilee

Fifiileen jechuun uunka xinqooqaa waan tokkotti fufamuun argamudha. Isaanis, qaamolee xixxiqqaa afaanii hiika qabeeyyii ta'an keessaa isa tokkodha. Kun ammoo, kan hirkatan uunka ykn bifa isaaniitiin akka ta'e nu hubachiisa. Dhaabbii isaaniitiin fufiilee duree, duubee, giddeefi naanneedha. Fufiileen dureen, dura jechaa galuun kan argaman yoo ta'u, duubeen ammoo akkuma maqaa isaanii duuba galtoota. Gidduu jecha tokkootti warri argamani ammoo, fufillee giddee, duraafi duubatti si'a tokkicha warri argamanis naannee jedhamu (Addunyaaa,2021)..

Fufii horteen kaneen tajaajila caaslugaa agarsiisanidha. Tajaajilli caaslugaa kunis maayii, lakkoofsa, koorniyaa, ramaddii, hennaafi haala raawwii ta'uu danda'a. Fufiileen yaasaan (uumamteen) ammo garee jechaa ykn hiika jijjiiruurratti xiyyeeffatu. Fufii hortees ta'ee fufii yaasaan dhamjechoota hirkatoo jalatti ramadamu.

Fkn:

hindeemne = hin- deem- ne

Argine = arg-ne

### C.Dhamjechootaa

Dhamjechi ammoo qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa kan unkaalee hiikaa garaagaraa qabutti addaan mummuramuu hindandeenyeedha. Qaamni xiiqqaan kun akaakuu garaagaraa qaba. Unka isaatiin yoo ilaalle, hirkataafi of danda'aa jechuun kan qoodamu yoo ta'u, dhamjeechi hirkataan of danda'ee kan hindhaabanneefi qaama of danda'aa tokko kan barbaadudha. Dhanjechi walabni ammoo, of danda'ee kan dhaabbatudha. Dhamjechi hiika tokko qofa kan qabuufi unkaalee hiika tokkoo ol qabanitti addaan qoodamuu kan hindandeenye ta'u. Kunis hirkatoofi walabatti yoo qoodamu, dhamjechi hirkatoon hundee jechaafi fufiileedhaan; dhamjechi walabni ammoo kanneen fufiifi hundeetti addaan qoodamuu hindandeenye haammatu. Fufiileen ammoo faayidaa isaaniitiin horteefi yaasaatii qoodamu(Addunyaaa,2021).

## D.Garee Jechootaa

Gareewwan jechootaa Afaan Oromoo maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima jechuun bakka afuritti qoodamu. Haaluma kanaan kan Mitikkuufi Tashoomeen (1992) , Addunyaan (2010) shanitti qoodan keessaa xumibsiin/gochibsi garee jechaa of danda’aa tokko ta’uun gaalee isaa ijaarrachuu waan hindandeenyeef, afuritti deebi’e jira (Addunyaa 2011). Bamaqaan ammoo, bakka maqaa bu’uudhaan tajaajila maqaa tokkoo kennuu kan danda’udha. Akkuma maqaan bakka matimaafi bakka aantimaa galuu danda’u bakka bu’aan isaa kunis bakka jedhame lamaan galuun tajaajiluu danda’a.

### 1. Maqaa

Maqaan garee jechootaa keessaa isa tokko. Jechoonni akkaataa maxxaanfannaafi bakka gaumsatiin garee kana jala galuu danda’a. Akkaataa maxxaanfannaa yoo jennu jechi tokko fufilee yaasaa ta’e fufilee hortee maxxaanfachuun maqaa ta’uu dandau jechuudha.

### 2. Maqibsa

Maqibsi garee jechootaa keessaa isa tokko ta’ee waa’ee maqaa odeeffannoo dabalataa kan nuuf kennudha, Afaan Oromoo keessatti yeroo hunda maqaa booda dhufa. Gareen jechaa kun maqibsaa bu’uuraafi maqibsa uumamtee jechuun bakka lamatti qooduu dandeenya. Maqibsiin bu’uuraa kan durumaanuu afaanichaa keessa jiru yoo ta’u, maqibsii uumamteen garuu gareewwan jechootaa garagaraarraa kan uumamaniidha. maqibsoota bakka adda addaatti qoonnee ilaaluu dandeenye. Tajaajilaan maqibsa akeektuu, maqibsa qabeenyaa, maqibsa gaaffii, maqibsa maalummaafi wkf jechuun xiinxaluu dandeenya. Maqibsi qabeenyaa abbaan qabeenyaa tokko eenyuun akka ta’e agarsiisumaqibsa qabeenyaa jennaan.. maqibsi gaaffiis waan tokko iyyaafachuuf jechoota nu fayyadanidha. Isaanis ‘kam? Eenyuu? fi wkf agarsiisfamuu danda’u. Maqibsi maalummaa ammoo, jechoota bifaafi amala agarsiisaniin dhiyaata Garraamummaa amalaan yoo ta’u, bareedinniifi gurraachinni ammoo bifaan ta’u. Kana malees, maqibsoonni hanga waan tokkoo agarsiisaniis nijiru. Maqibsoonnikunis, furdaa, gabaabaa, dheeraa bal’aafi wkf fa’i (Abarraafi kaawwan 1998; Addunyaa 2010).

### 3. Gochima

Gochimni gosoota garee jechaa keessaa tokko ta’ee, hima tokko keessatti, gocha, raawwiifi ta’umsa kan mul’isu. Gareen jechaa kun hima guutuu ta’e tokko keessaa hafuu hindanda’u. Hima tokko keessatti gochimniifi mathima handhuura hima tokkooti.

Gochimni tajaajila kennurratti hundaa’ee gosa adda addaatti qoodamuu danda’a. Gochimoonni darbuufi darbuu dhiisuu gocha tokkoorratti hundanii gochimoota darboofi hafoo jedhamanii qoodamu. Itti dabalees, gochimoonni of danda’anii dhaabachuufi akka gargaartuu ta’anii tajajila kennanirratti hundaa’ee ammo gochimoota muummeefi gochimoota gargaartuu jadhamanii qoodamu. Kana malees, gochimoonni ta’umsa mul’isan irratti hundaa’anii gochimoota ta’umsaa jedhamanii waamamu (Addunyaaa,2021).

## 4. Durduubee

Durduubeen garee jechootaa keessaa isa tokko. Garee jechootaa sababni itti ta’eefii miseensota gara garaa ofitti fudhachuu waan danda’eef. Tajaajilli durduubee inni ijoon tajaajila caaslugaa agarsiisuu malee qabiyyee ofii isaa qabaatee hima keessatti tajaajiluu miti Durduubee jechuun maqaa dura ykn booda galuun hidhata inni garee jechaa kanneen biroo waliin qabu kan ifa baasudha. Garee jechootaa warra kaanirraa kan adda taasisu, hormaataafi uumamsa jechootaa keessatti qoodni inni qabu muraasa ta’uu isaati. Faayidaan durduubeewwan kanaa garaagra. Kaan kallattii agarsiisu. Kaan ammoo akkaataa, kaanis bakka wanta tokkoo agarsiisu. Kanaan tajaajila dabala xumuraa (gochibsaa) kennu(Addunyaaa,2021).

### E. Walqabsiistuu

Yaanni sammuu keessatti duraa duubaa eegee hintaa’u. Yeroo barreessinus walqabachuu dhabuun kun dhiibbaa nurratti gochuu danda’a. Furmaanni kanaa inni tokko walqabsiisota fayyadamuudha. Walqabsiistonni hima keessatti yaadni akka walqabatu taasisa. Walqabsiitonni barreeffama keessatti jechaafi jecha, gaaleefi gaalee, himaafi hima walqabsiisuuf kanneen gargaarani. Tajaajilli jarreen kanaa yeroo mara hima keessattifi keeyyata keessatti mul’ata. Walqabsiistonni iddoo lamatti qoodamuu nidanda’u. Isaanis, walqabsiistota ofdanda’oo(garuu, yookaan Akkuma )fi hirkatoo(-fi, -f, -s, -malee, -immo, -ree) jedhanii qooduun nidanda’a (Addunya Barkeessaa 2017).

## F. Bamaqaa

Himni tokko caasaa ittiin ijaaramu qaba. Caaseffama himaa keessatti jechoonni bakka maqaa ykn gaalee maqaa bu’uun tajaajila kennan bamaqaa jedhamu. Bamaqaan akaakuu garagaraa qaba. Caasaa garagaraas qabaachuu dnanda’a (Addunyaa,2010).

## G. Gaaleefi Ciroo

Galeefi ciroorratti kun xinima ( saayinsii keessaa himaa sakatta'u ) jalatti xiinxalamu. Gaalees ta'ee ciroon sadarkaa itti walirraa oolan ni qabu. Haa ta'u malee, hiikaanis ta'ee caasaan garaagarummaa qabu. Akka Addunyaa (2010) ibsetti, gaaleen wal-hammannaa jechootaa kan hojii tokkoof dhaabbatan, kan waliin socho'an, kan waan tokkoon bakka bu'uu danda'an ta'uu isaanii, ciroon ammoo, tuuta jechootaa kan yoo xiqqaate gochima of keessaa qabu ta'a. Caasaan gaalees isa kan ciroorra xiqqaa akka ta'es ni'ibsa. Gaaleen caasaa jecharraa guddaati haajennu malee, yeroo jechaan walirra oolus niqaba. Afaan Oromoo keessa garee jechootaa gurguddaa afurtu jiru. Isaanis maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima ta'u. Isaan kunis gaalee gurguddaa afur ijaarratu. Kanaafuu, baay'inni garee jechoota kanaafi gaalee keenyaa wal-qixa jechuudha.

Gaaleen tokko yoo baay'ate miseensota maqaafi tajaajilaan garaagara ta'an sadii qabaachuu danda'a. Isaanis mataa, miiltoofi murteessituudha. Mataa dura bu'aa ykn handhuura caasaa gaalee jedhame tokko yoo ta'u gosoota gaaleerratti hundaa'uun bakka argama isaa jijjiirrata. Fakkeenyaaf, kan gaalee maqaa dura caasichaa yoo ta'u, kan gaalee gochimaa ammoo dhuma caasichaarra ta'a. Gaaleewwan Afaan Oromoos garee jechootaa afran irraa ijaaraman afur yoo ta'an hundinuu miseensota kana qabaachuu danda'u. Miseensa gaaleewwan kanaa keessaa inni biraa ammoo miiltoodha. Miiltoon mataa galee ilaalchisanii odeeffannoo dabalataa kanneen nuuf kennaniidha. Isaanis mataa gaalichaa waliin hidhata qabaniin wal-caaluu dhanda'u. Kanneen hidhata guddaa qaban matichatti aananii yoo galan kaawwan ammoo miiltoo kanatti aananii galuu danda'u. Kun bakka miiltoowwan tokkoo ol ta'anii argamanitti (Jildii 1,1995).
Murteessitoonni garuu miseensota gaalichaa hangaan, lakkoofsaan, akeekuudhaan, sadarkaafi wkf daangessu.
Fkn.

1.Sangaan foonii diimaan sun

2. Barumsaan cimtuudha

### H. Hima

Hima tokko caasaa isaarratti hundaa'uun hima salphaa, hima xaxamaa , hima dachaafi dacha xaxamaa jechuun qooduun nidanda'ama. Himni salphaan akkuma maqaa isaa, salphaadha. Kunis, gochima tokko qofa of keessaa qabaachuu isaatiin ilaalama. Hima dachaan ammoo walta'iinsa himoota sasalphaati. Kunis, gochima lama yookiin isaa ol qabaachuu danda'a. Hima xaxamaan yoo xiqqaate ciroo hirkataa tokko of keessa qaba. Xaxamaa kan taasises, jiraachuu

ciroo hirkataati Dachaa xaxamaan ammoo, walta'iinsa xaxamaafi hima dachaati. Kanaafuu, yoo xiqqaate ciroo hirkataa tokkoofi of danda'a lamaafi isaa ol of keessaa qaba.

Dabalataan hima tajaajilaa bakka afuriitti qoodamu: isaanis hima gaaffii, hima ajaja, hima adeessaafi hima raajeffannoo ta'u (Jildii 1,1995).

**I. Diigala**

Diigalli adeemsa jechoonni haaraan ittiin uumaman keessaa isa tokko ta'ee jechoonni walitti dhufuun akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika tokko kan argataniidha. Jechi diigala jedhame tokko ulaagaa guutuu qabu keessaa muraasni akka jecha tokkootti dhaabbachuu, hiika tokko argachuufi akka jecha tokkootti fudhachuudha (Addunyaa ,2010).

Fkn. dura + bu'aa – dura bu'aa, dura–buutoota –hooggana

nyaara + haaddatte – nyaara haaddattee- nyaara haaddattoota- hinleeyyaane.

## J. Hennaa

Gochi tokko yeroodhaan raawwatamaa. Gochi kan kanaan dura raawwatame yookiin gara fuuladuraa kan raawwatamu ta'uu danda'a.

## 1. Amsiiqaa

Amsiqaan gocha hinraawwatamne yookiin yeroo gabaabaafis ta'e yeroo dheeraadhaaf raawwatamaa jiran mul'isaa (Jildii 1,1995). Amsiiqa kan jedhu yeroo baay'ee gochoota itti fufiinsa qaban, itti fufanii jiran, yeroo dubbatamu yookiin barreessinutti raawwatamaa jiran ibsuuf kan gargaarudha. Eastwood (2002) yeroo tokko keessatti gocha ammaa tokkoof walitti fufiinsa ammaa fayyadamna kan jedhu yoo ta'u

Fkn: Nyaata kiyyaan nyaachaa jira.

Ani barachaan jira

## 2.Ammennaa (Simple present)

Ammennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo mara dhugaa ta'ee (universal truth) yookiin yeroo mara raawwatamuu yookiin gara fuuladuraa raawwatamuuf jedhu mul'isa. Jildii, 1995:86

Fkn: Aduun karaa bahaa baati.

Ibiddi ni guba.

3.Raawwima Ammennaa (Present Perfect)

Himmoonni kana jalatti hiriiraan wixima gochima muummeerratti latiin/-e/ jedhamu galee,gochi erga dabree ta'uu mul'isa. Latiin wixima tumsii/jir-/ waliin gale /-a/n gochi raawwimaala /imperfect/ ta'uu mul'ifti.Tumsiin gochimaa /jir-/ hoggaa argamu hennaa raawwima ammennaa (Present Perfect) jedhama(Jildii 1,1995)..

Fkn: Beekaan sirbee jira.

## 4.Darbennaa (Simple Past)

Hennaan kun gocha darbe,gocha raawwate mul'isaa,hennnaa kana keessatti wixina,yookiin willaa gochimaarratti latiin /-e/ fufamtee gocha darbe ta'uu mul'ifti.

Fkn: Daraartuun sirbite.

Biiftuun raafte.

## 5.Tarsiiqaa/Past continuous/

Hennaa kana keessatti gochi muummeen unkaa present participle (-ing) ammeennaa ta'ee tumsiin dabrennaa/tur-/ hima tokko keessatti hoggaa argaman henna tarsiiqaa jedhamu. Amsiiqaafi tarsiiqaa adda kan baasu gochima muummee (main verb) osoo hin taane tumsiidha Addunyaa (2010).

## 6.Raawwima Dabrennaa

Hennaa kana keessatti gochima muummeen (main verb) latii hudeelsoo (-ti) fufatee tumsi /tur-/ dura dhufa. Hennaan kun gocha raawwatamee ture mul'isuuf tajaajila.

## 7.Hennaa Muranna

Hennaan kun waan gara fuulduraa godhamu ibsuuf gargaara.Muranaaa, gochi gara fuula dura raawwatamuu kan hinhafne,garuu yeroonn itti raawwatamu yoom akka ta'e kan hinbeekamneedha (Addunyaa ,2010).

## 8.Hennaa Muranaala

Muranaalaan gocha gara fuuladuraa raawwatamuufi raawwatamuun saa kan hinbeekamne, yookiin otoo hinraawwatamiin hafuu kan danda'u ta'uusaa mul'isa. Hennaa kana keessattis wixina gochima muummeerratti latiin gochi gara fuuladuraa kan raawwatamu ta'uusaa mul'isa /-a/ akkasumas tumsiin gochimaa gochi raawwatamuufi raawwatamu baachuusaa addaan baasee himul'ifne/ ta'a /walitti aananii dhufu (Addunyaa ,2010).

## 9.Otoolaafi Otoolta'a

Dhalli namaa akkuma wantoota qabatamaa waliif dabarsu, haalota sababaafi bu'aarratti hundaa'anii ta'aniifi ta'uu danda'anis waliif ibsa. Haalonni kun sababirratti hundaa'anii ta'uu danda'u; hawwii ibsachuuf jedhamuu nidanda'amu; yookaan ammoo waan cira ta'uu hindandeenye ibsuufis gargaaramamu. Fakkeenyaaf, waan cira ta'uu hindandeenye ibsuuf mammaaksa Oromoo keessatti, "Otoofi eegeen booda dhufti," jedhama. "Otoon", akka mammaaksa kanaatti wanta hawwan tokko ykn wanta darbee deebisuu hindandeenyeef gaabbii ofii ibsachuuf itti gargaaramna.(Kuraz,1987)

Ciroon jechoota "yoo"fi "otoo" jedhuun jalqabe ciroo otoolaa yoo ta'u, ciroon hafe ciroo dhaabataadha. Ciroon otoolaa yaada rarra'aa ta'e yoo qabatu, yaanni yookiin gochi ciroon dhaabataan raawwatamuufi raawwatamuu dhiisuun isaa kan ciroo otoolaarratti hundaa'a. Ciroon otoolaa akaakuu sadii qaba. Isaanis: a. kan ta'uu danda'u, kan ta'uuf hawwan(hawwii)fi kan ta'uu hindandeenye qabachuu danda'a.

## 10.Wal-simannaa

Afaan tokko caasaa qaba. Caasaan kunis sadarkaa garaagaraatti ilaalama danda'a. Sadarkaaleen balballoomsaa, Afaan Oromoo xinsagaa kaasee hanga xinhimatti maal akka fakkaatu Addunyaa ( 2010 ) ibsee jira. Sadarkaalee kanatti caasaa afaanichaa kan to'atus caasuluga jedhama.

Caasluga afaanichaa keessaa duraa-duuba jechootaa, sadarkaa himaatti, kan to'atu isa tokko. Jechoonni Afaan Oromoo duraa-duuba amala afaanichaa bu'uureffateen hiriiru. Kun ammoo, jechoonni afaanichaa keessatti bakka isaanii qabame akka qaban agarsiisa. Akka walii galaatti, hima tokko keessa buufata bu'uuraa sadiitu jiru. Isaanis buufata matimaa, buufata aantimaafi buufata gochimaa ta'u.

Matimni kana gocha raawwate yookiin kan waa'een isaa dubbatamu yoo ta'u, jechoonni bakka kana buufatanis maqaafi bamaqaa ta'u. Aantimni ammoo, kan gochaan irratti raawwatame yoo ta'u bakkicha kan buufatus yeroo baay'ee maqaadha. Gochimni kan gocha raawwatame ilaallatudha. Afaan Oromoo keessatti bakki kun yeroo hunda gochimaan qabama.

Qaamoleen himaa olitti dhiyeessine sadan hima kennataa (well-formed) ta'e tokko ijaaruuf wal-simannaa qabaachuu qabu. Kun ammoo, wal- simannaa lakkoofsaan, maayiin, koorniyaafi kan kana fakkaataan ta'uu danda'a. Wal-simannaa kanarra haalaan xiyyeeffachuun, wal-quunnamtii taasisnu tokkoon milkaa'ina gonfachuuf gargaara.

## 2.4. Tajaajila Seerluuga

Caasaaleen hima afaan tokkoo sadarkaa qabu. Caas-lugni ammo, tuuta seerotaa kan caasaalee kana to'atudha. Seeronni kunis, sadarkaa caasaaleerratti hundaa'uun garagara ta'u. Ta'us, caaslugni sadarkaa hundaafuu wiirtuu qindoominaati. Barbaachi-summaa beekumsa seerota kanaa Finch (2005) yoo ibsu, seerluga afaan tokkoo beekuun jijjiirama jechuuf seerota isaan hordofan akkasumas, caasaa isaanii isa bu'uuraa beekuuf gargaara jedha. Beekumsi caasaa afaanii isa bu'uuraarraa argamus, afaan barreeffamaa kan waaltina afaaniitiif gumaacha godhu keessatti iddoo guddaa qaba. Qabanni isaa, afaan barreeffamaa caasaa afaanii isa bu'uuraatti yoo gar-gaaramu, kaayyoon waaltina afaaniis haala dhaaba qabuun afaan barreeffamaa tokkotti gargaaramuuf haala mijeessuudha. Inni kunis, guddina afaan tokkoofis ta'ee afaanichaan wal-quunnamtii gahaa uumuuf akkasumas, haala wal fakkaatuun ittiin hojjechuf ulaagaa isa bu'uuraati. Barnoota afaanii keessatti gumaacha beekumsa caasaa afaanii Corder (1973,f,15) yoo dubbatu. "There can be no systematic improvement in language teaching without reference to the knowledge about language which linguistics and its structure give us." Jedha. Caas-lugni tajaajila hunda-galeessa kennuu isaafi kunis sadarkaalee balbal-loomsa xinqooqaa garagaraatti ta'uu akka danda'u barruu beccoon itti aanu ibsee jira.

Speakers of a language have access to a grammar which governs the articulation, perception and patterning of speech sounds, the formation of words and sentences, and the interpretation of utter-ances. Consisting of several components (phonetics, phonology, morphology, syntax, and semantic), a grammar makes possible the production and comprehension of potentially unlimited number of utterances. Because no language can exist without a grammar and no one can use a language without knowledge of its grammar (O'Grady 1996,f,10-11)

Egaa, afaan seerluga hinqabnee akka hinjirreefi yaada ibsuufis ta'ee hubachuuf jechoonni haasawaafi barreeffama keessatti dhimma itti baanuuf caaslugni utubaa akka ta'e yaada hayyichaarraa salphaatti hu-banna. (Addunya, 2017: 23)

## 2.5. SeerlugaKeessatti Wantoota Dogoggoraaf Barattoota Saaxilan

### 2.5.1. Maalumaa dogoggoraa

Dogoggorri afaan kam keessatti kan uumamuudha. Misgaanuu (2011) jecha dogoggora jedhuuf hiika yoo laatu: rakkachuu,burjaaja'uu,kararraa maqanii baduu

jedha.Kanbiraas,Norrish (1981,f,1) dogoggora kararraa baduu barattootaati jedha. Raimes(1983:22) yaada kana cimsuuf, dogoggora barreeffamaseerluga barattootaa keessatti uumamuf barsiisonnimaal gochuu akka qaban yoo ibsitu, dogoggorri seerluga keessatti barattootni uuman,bakka barsiisaan irratti xiyyeeffatee isaan gargaaruu danda‟u barsiisaatti agarsiisa.Kanaafuu, barsiisaan erga dogoggora barreeffamichaa hubateen booda, barattoonni akka walii sirreessan gochuun kan barbaachiseef, sababni uumamuu dogoggora sanaa maal akka ta‟e adda baafachuuf.

### 2. 5.2 Madda Dogoggoraa

Gosoota dogoggora irratti xiyyeeffachuun dura sababni yookiin maddi akka barattootni dogoggora kana uuman godhu maaliidha? Kan jedhu beekuun barbaachisaadha. Dandeettii afaan keessatti Afaan barachuu keessatti dogoggorrii karaa addaa addaan uumamuu danda‟a. Inni tokkoffan yeroo afaan lammaffaa barataan afaan baratan sana ilaalchisanii beekumsa gahaa dhabuu yookiin beekumsa sirriihintaane (false knowledge) qabaachuu isaaniifi afaanicha sirriitti shaakaluu dhabuufi itti fayyadamuu dhabuudha. Maddi dogoggora dandeettii barreessuu barattootaa afaan lammaffaa baratan qofarratti kan xiyyeeffate akka hin taaneedha. Rakkoo kana immoo beektotni afaanii heedduun barattoota afaan tokkoffaa baratan birattis baay‟inaan akka mul‟atu ni ibsu. Sababnisaa jedhu, beektotni kun, dandeettii barreessuu afaan lammataas ta‟e afaan tokkoffaa kan baratamu manneen barnootaa erga seenanii jedhu. Brown, (1993), Richards (1974), Wabeeffachuun, Kanamalees, haalli barachuu mataan isaa dogoggoraaf madda ta‟uu ni danda‟a. Fakkeenyaaf, haalli barsiisaan itti barsiisuu, dhiyaannaan qabiyyee barnootaa, qajeelfamni ifa ta‟uu dhabuufi kkf dogoggoraf karaa banuu ni danda‟a.

Akka mala afaan baruufi barsiisuu duriitti dogoggoruun akka kufaatiitti fudhatamaa ture.Barnoot a idilee keessatti akka hin mul‟anne dhimmoota jibbaman keessaa tokko ture.Hayyuun Norrish(1983), yaada kana yoo cimsu, sababa dogoggooraatiin hiriyyaafi barsiisaa biratti salphinatu namatti dhaga‟ama. Haata‟u malee, afaan baruufi barsiisuu keessatti,dogoggoruun waanuma jiruufi kan hin hafne. Yaada kanarratti Brown (1993), dogoggorri adeemsa afaan barachuufi malee yakka hojjechuu akka hin taane cimsa. Yaada kanarraa waanni hubannu barattootni dogoggora barreeffama keessatti uumaniif abdii kutachuu akka hin qabne ta‟uusaafi barsiisonnis dogoggora barreeffama barataa keessatti uumamu ilaalchisee mufachuu akka hin qabneefi haamilee barattootaa tuquu akka hin qabne nu hubachiisa.

### 2.5.3Akaakuu Dogoggoraa

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti dogoggorri adeemsa baruuf barsiisuu keessaa tokko ta‟ee balaaleeffamuu hin qabne ta‟uusaa hayyoonni ibsanii jiru. Isaan keessa Raimes (1983), dogoggora akka gaariitti malee akka gadhetti hin ilaallu yaada jedhu barreessitee jirti. Yaaduma kana bu‟uura godhachuudhaan dandeettii barreessuu barsiisuu keessatti dogoggorri barreeffama barattootaa barsiisotaaf kallattii xiyyeeffannoo ta‟ee kan fayyadu ta‟uusaa nu hubachiisa.dabalatanis, dogoggoruun salphina osoo hintaane baruufi barsiisu keessaa isa tokkodha.Norrish(1983:7) akka jedhutti dogoggorri bakka gurguddaa sadiitti kan qoodamu ta‟uusaa ibsa. Yaada hayyuu kana irratti ka‟uudhaan, akaakuuwwan dogoggoraa kaannen dogoggora waliigalaa, dogoggora ga‟umsaafi dogoggora tasaa jedhamanii waamamuu danda‟u.

### 2.5.4.Dogoggora waliigalaa

Namni tokko caasaafi seera afaan tokkoo osoo hin baratin, hin hubatiniifi sirriitti hin beekin dogoggoru, dogoggora waliigalaa jedhama. Dogoggorri kun daa‟imni tokko yommuu jalqaba afaan barachuuf yaaluuf jiru, fayyadama jechootaa, fayyadama himootaa gaggabaaboo keessatti dogoggora uumuun suuta suuta afaanicha baratu. Dogoggorri akkasii ku
n dogoggora waliigalaati.Misgaanuun (2011,f,7) maalummaa dogoggora waliigalaa yoo ibsu, dogoggorri waligalaa kan dhaggeeffataan ykn dubbataan ergaa darbuuf akka hin hubanne, hiika akka itti hin laanne taasisuufi waliigaltee kan dhorku. Dogoggorri waliigalaa kan umamu, beekumsa jechootaa dhabuu, itti fayydama maxxantootaafi fufiilee fi bakka maqaa seeraan ala qubeeffamanirraa kan madduudha.

### 2.5.5.Dogoggora Ga’umsaa

Dogoggorri akkanaa kun tasa ykn ta‟innaan kan uumamu. Dogoggorri ga‟umsaa, namni tokko afaanuma ittiin barreessu yookiin ittiin dubbisuu danda‟u sana darbee darbee yoo dogoggoruudha. Norrish (1983,f,8), dogoggorri ga‟umsaa wantoota dandeettii barreessuu barattootaarratti dhiibbaa fidan hanqina ga‟umsaan kan dhufu ta‟uusaa ibsa.

Akkasumas,barattoonni yeroo baay‟ee dogoggora gosa kanaa kan uuman ta‟uusaa tilmaamuun nama hin rakkisu. Sababnisaa barattootni afaan tokkoffaa barressuu, yeroo tokko tokkommoo ni dogoggoru. Dogoggorri akkanaa kun kaka‟umsaa dhufuu mala. Kanaafuu, dhimma kanarratti barsiisonni jabaatanii hojjechuu qabu. Sababni dogoggora barattootaa kanarraa barsiisaatiin,

karaa barataatiin yookiin karaa barnoota kennamuutiin ta‟uu waan danda‟uuf qorannoo addaa geggeessuudhaan rakkicha furuun barbaachisaadha.

### 2.5. 6.Dogoggora tasaa

Dogoggorri tasaa gosa dogoggora akka tasaa uumamu danda‟uuti.Norrish(1983,f,8) dogoggorri kun akka dogoggora warreen kaanii yeroo fudhachuun ykn adeemsa keessa kan uumamu osoo hin taane, akka tasaa kan uumamuudha. Dogoggorri gosa akkasii kun, yeroo hedduu yeroo barreeffamu caalaa yeroo dubbii kan mul‟atu yoo ta‟u, yeroo barreeffamaas darbee darbee mul‟achuu ni mala. Walumaagalatti, dogoggorri adeemsa baruufi barsiisuu keessatti kan nama mudatuudha. Dogoggorri kunniinis, dogoggora waliigalaa, dogoggora ga‟umsaafi dogoggora tasaa ta‟uusaanii hubachuun ni danda‟ama.

## 2.6. Dayeessa Qorannoo

Afaan kan ittiin yaadanii fi walqunnamanidha.Ogummaawwan afaanii baay’een jiraachuu danda’u.isaan keessaa Ogummaa dhaggeeffachuu, dubbachuu,dubbisuu, barreessuu jechootaa fi ogummaan seerlugaa isaan bu’uraati. Ogummaan afaanii dayeessa adda addaa kan qaban yoo ta’u, qorattoonni gara garaa bu’aawwan ogummaa Afaaniii argachuuf yommuu qorannoo geggeessan adeemsa qorannoon irratti xiyyeeffatuu fi raga ittiin qorannoo isaa qabatee qorachuuf yaaxinaalee gara garaatti akka dhimma bahan beekamaadha. Haaluma kanaan yaaxinaalee qorannoo hedduu jiran keessaa kan qorattuun itti fayyadamuuf filate Dayeessa tajaajilaa bu’ureeffachuun geggeeffame.

Dayeessa qorannoo ilaalchisee Filee Jaallataa (2016:220) akkas jechuun barrreessee jira.

> Yaadni ijoo mata duree qorannoo tokko waliin walitti dhufeenyaa qabu filachuun kallatti qorannoo itti agarsiisuudhaaf, malleen qorannoo daran barbaachisoo ta’an filachuuf, yaada adda addaa walbira qabanii madaaluuf, qeequudhaaf, akkasumas sakatta’a baruu wal maddii, ka’umsa qorannoo fi kayyoo qorannoo tokko galman gahuu keessatti daran barbaachisaa dha.

Akkuma yaada armaan olii kanarraa hubachuun danda’amutti jiruu fi jireenyaa dhala namaa keessaatti wantoonni nama miidhan akkuma jiran kan nama fayyadanis jiru. Dayeessi kun immoo faayidaa waanti tokko jireenya dhala namaaf qabu qorachuu irratti xiyyeeffata. Bu’uuruma kanaan qorataanis sakatta’a dandeettii barreessuu barattootaan wal qabateetee, jiruufi

jireenya dhala nama keessatti faayidaa dandddtti seerlugaa dhala namaaf qabuf waan kaasuuf dayeessa kanaan gargaaramuun qorannoo isaa gaggessa

Qorannoon kun qorannoo biraa qorannoo kanaan wal fakkaatan waliin yommuu wal bira qabamee ilaalamuu akkaataa armaan gadiin sakatta'amee ilaalama. Qorannooowwaan sakatta'aman kunis kallattidhaan akkasumas alkallattiidhaan kan walitti dhufeenya yookaan garaagarummaa qorannoo kana waaliin qaban irratti xiiyyeffachuun sakatta'ame.

Qorannoo Yiheeyyis Siyyum kan bara 1999 A.L.itti mataduree''seerluga afaan oromoo kutaa 9ffaa manneen barumsaa muka xurii fi caancoo tooftaa waliin dubbii'' jedhu irratti kan qorannoo geggeesse waliin wal fakkeenyaa fi garaagarummaa isaan qabantu sakatta'ame.kunis mataduree irraa kaasee qabxiilee ijoo jiran irraatti xiiyyeffachuun sakatta'amee kan ilaalameedha. Ammaaf wixinee kanaan yommuu wal bira qabamee ilaalamu wal fakkeenyii isaanii manneen barumsaa sadarkaa lamaffaa filaachuun irraatti wal fakkeenya qaba.Garaagarummaan isaanii immoo, qorannoon Yiheeyyis dhimma seerluga afaan oromoo kutaa 9ffaa barsiisuu manneen barumsaa muka xurii fi caancoo tooftaa waliin dubbii irratti yommuu ta'u , qorannoon koo immoo xinxalaa danddeetii seerluga baratoota mana barumsa sarboo sadarkaa lamaffaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa irraatii kan xiyyefatudha.

Gama biraanis, qorannoo Misgaanuu Taddalee bara 2006 A.l.I tti mataduree "Tooftaa (dhiyeenya) Barsiisonni Mana barumsaa Aggaaroo Sadarkaa Lammaffaa Filannoo Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa itti barsiisan" jedhu qorannoo mata duree kanaan waan walqabatuuf walfakkeenyaafi garagarummaa qorannoo kanaan qabu gadi fageenyaan qabxiilee ijoo irratti xiyyeefachuun sakatta'amee jira.

Walfakkeenyi qorannoo Misgaanu qorannoo kana waliin qabu lamaan isaanii iyyuu mana barumsaa tokkoo qofarattii kan xiyyeefatan ta'uu isaanii fi lamaan isaniyyuu seerluuga irratti kan xiyyfataan ta'uu isaanati. Akkasumas qabiyyeen qorannoo boqonnaa tokko, lamaaf sadii keessatti jiru duraa duubni isaanii walfakkeenya ni qabu. Kunis Boqonnaa tokko keessatti seenduubeedhaa kaasee hanga daangaa qorannootti walitti dhuffeenya qabu. Kana qofa osoo hin taane mala qrannoo keessatti bargaaffii barattootaaf qopheessuu, akkasumas afgaaffii barsiisoota qopheessuun odeefannoon akka funaanamu taasiisuu irratti walfakkeenya qabu.

Garagaarummaan isaan qabaan ammo, qorannoon Misgaanuu sadarkaa lamaffaa kutaa 9ffaa qofa irratti kan adeemsiffate ta’uu isaati. Qorannoon kun ammo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa irratti karoorfamee hojjetameera. Kana males qorannoon Misgaanu mala seerluga barsiisuu irrtti kan xiyyeefatu yoo ta’u.Qorannon kun immoo xiinxala seerluga dandeetti barattootaa irratti kan xiyyeeffatudha.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Mataduree boqonnaa kana jalatti qabxiileen hammataman: akaakuu gosa qorannicha, saxaxa qorannicha, irrawwatama, iddattoofi mala iddateessuu, madda raga, meeshaalee odeeffannoo ittin funaananiifi mala xiinxala ragaaleeti.

## 3.1. Gosa Qoranichaa

Kutaa kana keessatti qorannoo kun mala kamiin akka adeemsifameefi gosa qorannoo kamiin akka gaggeeffame ibseera. Qorannoon kun Godina Jimmaa Aanaa Qarsaa mana barumsaa Sarboo sadarka 2ffaa kutaa 11 fi 12 barataan irratti kan gaggeeffameedha.Qorannichis, gosa qorannoo akkamtaa fi hammaamtaatti fayyadamuun kan geggeeffameedha. Sababni gosa kanatti fayyadamuun barbaachiseef qacceessaa ragaalee hammamtaan (quantitatively) dhihatan lakkofsaan ibsuu;kan akkamtaan (qualitatively) dhihaate jechaan ibsuuf jedhameeti.Akkasumas qorannoo lakkofsaa fi ibsaan akka adeemsiifamuuf kan barbadameef kaayyoon guddaa qorannoo kanaa xiinxala dandeettii seerlugaa barattoota Afaan Oromoo mana barumsaa Sarboo sadarkaa 2ffaa kutaa 11ffaafi 12ffaa qacceessuudha.Dabalatanis,ragaalee bifa bilchina qabuun funaanamuu fi qaaccessuuf barbaadameeti. Kun immoo, mala tokkotti fayyadamuu caalaa rakkichagadi fageenyaan akka hubatan gargaara.(Creswell, 2009), Akka yaada kanaatti qorannoo tokko keessatti kan xiyyeeffatamuu qabu rakkoo qorannichaan walqabatee ka‟e sana bifa sirriin hubachuudha malee adda baasnee mala tokko qofa fayyadamuun qorannicha geggeessuu miti.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo kanaa addeessaadha. Kanaaf, ragaaleen funaanamaniifi qacceffaman ibsuun hiikni itti kennamera.. Qorannoon akkamta isaa ragaa karaa sakatta’iinsa barruu, marii garee, daawwannaafi kan kana fakkaatan irraa argaman, ibsuuf gargaareera.Sababni isaas ragaalee karaa sanadaa mala addeessattii yookaan mala ibsaattii fayyadamani gadi bu’anii odeeffannoo isaa qaaccessuuf malli qorannoo kana filatamaa waan ta’eef (Dastaa, 2002 fi Addunyaa, 2011). Akkasumas, qorannoon hammamtaa ragaalee karaa bargaaffiitiifi afgaaffiitiin mala laakkofsaa fayyadamuutiin xiinxalameera (Huysamen, 1998).

## 3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa barattoota Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaa mana barumsa Sarboo bara 2014 barataa jiraniidha..

## 3.4. Madda Ragaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa adda durummaadhaan barattootaAfaan Oromoo Godina Jimmaa Aanaa Qarsaa mana barumsaa Sarboo sad.2ffaa kutaa 11ffaa fi 12ffaa barata jiraaniifi barsiisota Afaan Oromoo barsiisan irratti yoo ta'an, dabalataan ragaa firii qormaataa akka madda ragaa lammaffaatti tajaajileera.

## 3.5. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Mala kana keessatti daandeetii seerlugaa barattoota mana barumsaa Sarboo sadarkaa lammaffaa hubannoon isanii sadarkaa akkamiira akka jiru xiinxaluuf barattoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa filadheera. Sababni kutaan kun lamaan filameef, barattootni kutaa 11ffaa fi 12ffaa gara xumurarra waan jiranniif rakkoon kun furamee firii gaariin akka fidan barbaadameeti. Kaayyoo kana galmaan gahuuf, barataan kutaa 11ffaa daree kudha lama jiran keessaa daree shan,akkasumas, barattoota kutaa 12ffaa barataan daree sagal jiraan keessaa ammo, daree barnoota afur mala carraa salphaan filatmeera. Iddattoo barattootaa ilaalchisee barataan kutaa 11ffaa (Barattoota 337) jiran keessaa.barattoota 64(%19); barattoota kutaa 12ffaa 284jiran keessaa ammoo barattoota 54(%19) qorattittiin mala caarattii fayyadamtee filateetti..Akkaataa filannoo kana kan deggeru, Gay and Arirasian (2003) akka ibsanitti gosa qorannoo hammamta keessatti yoo baayina hirmattoota qorannichi irratti xiyyeeffate baayyee ta'e; iddattoo %10 hanga %20tti fayyadamu akka dandeenyu yaada kaaaniiru.Kana bu'uura godhachuun %19 filadheera.Dabalataniis barsiisootni Afaan Oromoo kutaa 11 fi 12 barsiisaa jiraan barsiisoota lama qofa waan ta'aniif lamaan isaniyyuu qama qoranichaa akka ta'an mala hundayyuu fayyadamuun filatamaniiru. Sababiin isaas barsiisonni mana barumsaa sanarra jira kan afaan Oromoo barsiisan lama qofa waan ta'aniif lamaanuma isaanii akkuma jirutti itti dhimma bahuu danda'eera.

## 3.6. Meeshaalee Odeeffannoon ittiin Funaaname

Qorannoo kamiifuu odeeffannoon barbaachisaadha.Odeeffannoon hojiirra ooluuf funaanamuun dirqama. Kunis, ta'uu kan danda'u yoo meeshaan ittiin funaanamu jiraatedha.Kanaafuu odeeffannoon qorannoo kanaa qormaata, bar-gaafii, af-gaafii akkasumaasdaawwii daree xiinxalamuun raawwatamee jira. Meeshaaleen kun qorannoo makoo keessatti barbaachisummaan isaanii ol'aanaadha (Dane, 1990).

### 3.6.1. Qorumsaa Seerlugaa

Barattoota mana barumsaa Sarbo sadarkaa lamaffaa filatamaniif dandeettii seerlugaa isaanii xinxaluuf gaaffiin qorumsaa qorattittiin bahee akka gaafatamu ta'eera.Qorumsi seerlugaa kun ammoo kaayyoo 1ffaafi 2ffaa deebisuuf kan qophaaieedha.Dastaan (2013,f,123) "Qormaatni haala walfakkaatuun qophaa‟ee amala, dandeettii barattootaa ilaalchisee odeeffannoobarbaanne funaannachuu yoo barbaanne kan ittifayyadamnudha". Yaada kanarraa kan hubatamu, gaaffileen qormaatarratti bahan dandeettii seerluga barattootaa akka gabbifatan waan taasisuuf odeeffannoo barbaachisu sassaabbachuun akka danda‟amu ibsasaa.Kanaaf qorattittiin dandeettii seerlugaafi gosoota seerluga biraa walqixa qormaata keessaa baasuun xiinxaltee madaaluuf sadarkaa dandeettii seerluga barattoota Afaan Oromoo addaan baafachuuf xiinxalteetti.

Qormaanni qorattittiin qophaa'u kun dandeettii, hubannoofi beekumsabarnoota daree keessatti baratan irraa horatan akaakuu seerlugaa madaaluufi sadarkaan kaa'uuf kan gaggeeffameedha. Kun immoo silaabasii yookiin kitaaba barattootaa irraa waan baratan irratti kan hundaa'eedha.Qormaanni qorattittiin daree keessatti hojii irra oole kun kutawwan (akaakuu) garaa garaatti qoodamu. Isaanis: Akaakuu qormaata murta'oofi miti murtaa'oo dha.Akaakuwwan gaaffii murtaa'oos gaaffiilee filannoofi akaakuu gaaffii deebii gabaabaa barreessii yookiin bakka duwwaa guutiitti qoodamu. Akaakuun gaaffiilee filannoo kun immoo kutaa 11ffaaf akaakuu gaaffiilee dhugaa/sabaa gaaffiilee 1-7, fi filannootti gaaffiilee 8-21 qoodamu. Akaakuun gaaffiilee deebii gabaabaa barreessii/bakka duwwaa guutii gaaffiilee 21-25 hanga tokko akaakuu gaaffii miti murtaa'aa waliin walitti haadhiyaatan malee akaakuu qormaataa murtaa'aatti ramadama.Kan Kutaa 12ffaa ammo akaakuu gaaffiilee dhugaa/sabaa gaaffiilee 1-6, fi filannootti gaaffiilee 7-16 qoodamu. Akaakuun gaaffiilee deebii gabaabaa barreessii/bakka duwwaa guutii

gaaffiilee 17-20 hanga tokko akaakuu gaaffii miti murtaa’aa waliin walitti haadhiyaatan malee akaakuu qormaataa murtaa’aatti ramadamaAkka Hayyuun Brown, (2003;f.218) ibseetti gosa barnoota afaanii irratti waan adda ba’e waan murtaa’aa tokko madaaluun barbaachisaa akka ta’ee lafakaa’eera.

Qormaatni seerlugaa kun mataduree kitaaboota kutaa 11ffaafi 12ffaa jiru mara ofkeessatti kan qabate yookiin irratti hundaa’ee qopha’eera.Isaanis a).caasaa jechaa gadii: birsaga, dhamjecha,fi fufii; b). Garee jechootaa (maqaa, bamaqaa, gochimaafi durduubii); c).Gaalee, ciroofi hima (Salagun, R. L. A, 2021); d) hennaafi otoola. ; e) Walsimannaafi; f) walqabsiiftuu

## 3.6.2. Bargaaffii

Meeshaalee ittiin odeeffannoo funaanan ta’ee, qaama odeeffannoo irraa argannuuf kan dhiyaateedha.Bar-gaaffiin ragaa kaayyoo sadaffaaf “wantoota dandeettii seerluga barattoota sadarkaa 2ffaatti sababoota ta”uu danda’an” adda baasuuf nugarggaara.Bar-gaaffiin meeshaa funaansa ragaa kan qorannoo saayinsii hawaasaa keessatti hirmaattota hirmaachisiisuuf kan fayyadu yoo ta’u, bu’aa qorannichaas nimirkaneessa (Sarantakos, 2006).Gaafileenisa haala kaayyoo qorannoo galmaan ga’uu danda’aniin ifaafi yeroo tokkotti haala qabxii tokko qofaaf gaafatun qopha’an (Nunan, 1992).Bargaaffiin barreeffamaan dhihaateefi odeeffannoo deebistoon yookiin odeeffannoo kennuu barbaadame barreeffamaan ibsamaniidha. Dastaan (2013,f,123) yaada kana akkas jedhee ibsa, “Bargaaffiin maalleen odeeffannoon funaanamu keessaa isa tokkoofi kan qorattoota baay‟eedhaan filatamu ta‟ee argama” jedha.Sababni meeshaalee ragaan ittiin funaanamuu kun filatameef Dastaan (2013) Yoo ibsu yeroo, humnaafi baasii qusata, eenyummaa odeeffanno kennitootaa waan in ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha, Odeeffanno kennitoota hundaafuu gaaffii walfakkaatu dhiheessa, bakka bu‟aadhaan dalagamuu danda‟a, Qorattittiif odeeffanno kennitoota gidduu waliin dubbiin murteessaa miti” jedha.Dandeettii seerlugaa barattoota kutaa 11 fi 12 mana barumsaa Sarboo xinxaluuf akka nu gargaruuf barattota kutaa 11 barataan keessaa barattota 25 fi barattoota kutaa 12 barataan keessaa barattoota 20 tiif gaaffiin barreefamaa qopha’eera.

## 3.6.3. Afgaaffii

Meeshaan kun immoo barreeffamaan otuu hin taanee afaaniin kan barsiisota mana barumsaa Sarboo sadarkaa lamafffaa barsiisaniif kan qophaa’ee odeeffannoon ittiin funaanamee dha. Af-

gaaffiin odeeffannoo kaayyoo sadaffaaf “wantoota dandeettii seerluga barattoota sadarkaa 2ffaatti sababoota ta”uu danda’an” adda baasuuf nugarggaara Gaaffiiwwan qophaa’anis gaaffilee banaa (open-end  question) 4 dha. Sababa gosti gaaffilee akkasii filatamaniifis, barattootni yommuu deebii laataan qoratttuu waliin walitti dhufeenya gochuun waliin dubbachuun yaada waljijjiiraa barattotni odeeffannoo quubsaa laachuu danda’uu’, jedhameetu amanama.Dandeettii seerlugaa barattoota kutaa 11 fi 12 mana barumsaa Sarboo xinxaluuf akka nu gargaruuf barattota kutaa 11 fi 12 keessaa kan sadarkaa tokkoo hanga sadaffatti bahanii (barattoota 18) fi barsiisoota Afaan oromoo kutaa 11 fi 12 barsiisaan (barsiisoota 2) gaafachuunodeeffannoon barbaachisaan fudhatameera.

### 3.6.4. Daawwannaa

Deebiiwwan barattoonni fi barsiisonnilaatan walgituu dhiisuu malu.Qaawwa walgitiinsa dhaba deebiiwwan dhalachuu malu kana duuchuuf tooftaan daawwii kutaa caaseffame (Structured Classroom Observation Technique) muxxannoo barumsa seerluga afaan Oromoo barsiisotaafi barattootaa (haalota kutaa, maloota barsiisuu, shaakala seerluga waliigalaa fi kan kana fakkaatan) ilaaluuf qophaa’en daawwiin kutaa adeemsifameera. Daawwiin ragaa kaayyoo sadaffaaf “wantoota dandeettii seerluga barattoota sadarkaa 2ffaarratti sababoota ta”uu danda’an” mirkanneeffachuuf nugarggaara Sababni meeshaaleen kun kaayyoo kanaaf filatames, dandeetiin seerluuga barattoota tooftaa kanaan osoo sakatta’amee wanta ijaan mul’atu tokko argachuuf salphaa waan ta’eefi (Sowell, 1996,f,216).

Muxannoon baruuf barsiisuu seerluga afaanii barsiisotaa fi barattootaa waytii daqiiqaa afurtamaa si’a lamaaf daawwatama.Adeemsa kana keessatti qorattuun akka barataatti hirmaachuudhaan osoo hintaane daawwataa ta’uudhaan Ebla 15– Caamsaa 15 tti dareewwan kutaa 11ffaa (“A”, fi“C”, fi kutaa 12faa (Dfi “I”) daawwatameera.

## 3.7. Fudhatamummaafi Amansiisummaa

Fudhatamummaafi amansiisummaa, qormaanni tokko fudhatama qabamoo hinqabu, sirriidhamoo sirrii miti kan jedhu ilaallata.Kanaafuu, qormaanni tokko waan madaaluu qabu yoo madaaluu danda‟e fudhatamummaa qaba jechuudha.Akkasumas, gorsaafi barsiisota sadarkaa 2ffaa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa barsiisaniin sakkatta’amee qulqullina isaa irratti yaadni kennameera. Amansiisummaan akka amala qormaata gaariitti qormaanni tokko barattootuma

tokkoof yeroo adda addaa osoo kenname qabxiinargamu kan walfakkatu yoo ta‟e yookaan barataa tokko sadarkaa isaa sirrii ta‟e niagersiisa kan jedhu ilaallata.(Burns,1999, f.21).

Qormaataan dura haala qormaatichaa madaaluufi sirrii ta‟uu isaa mirkaneeffachuuf barattoota kutaa 11ffaafi 12ffaa Bulbul sadarkaa lammaffaa irratti qormaata yaaliin (pilot test) adeemsifamee sirrii ta‟uun isaa mirkanaa‟era. Kana raawwachuun qormaata barreessuu kana fudhatamummaa (Validty) fi amansiisummaa (Reliablity) isaa akka eegamugochuuf yaalameera.(Burns, 1999, f.16o).

## 3.8. Mala Xiinxala Ragaa

Ragaan malleen funaansa raga qorumsa qoruu, afgaffii,bargaaffiifi daawwannaatiin walitti qabame mala xiinxala qorannoo hammamtaafi akkamtaatiin xiinxalameera.

Haaluma kanaan, ragaan qorumsa qoruu fi bargaafii iddaattoo barattootaan walitti qabame mala qorannoo hammamtaatiin (% parasantii, deddeebi'aa/Frequency/,Avereejii/mean/,fi Istaandardii deveeshinii) xiinxalameera. Karaa ifaa ta'een yeroo ibsinu:"kaayyoon 1ffaan sadarkaa dandeettii seerlugaa barattoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa fi 12ffaa fi kaayyoon 2ffaa, akaakuu seerlugaa keessaakan barattootaatti baay'ee ulfaata ta'e addaan baasuu" isa jedhu kan qorumsaan adda bah e (% parasantii, deddeebi'aa/Frequency/, Avereejii/mean/fi Istaandardiideveeshinii) qacceeffame era. kaayyoon 3ffaa "Waantoota dandeetti seerluga barattootaa irratti guufuu ta'uu danda'an maal fa'a akka taa'an ibsuu," isa jedhuuf kan gaaffii barreeffamaan adda bahe ammoo (deddeebi'aa/Frequency/fi % parasantii) qacceeffameera.Dabalatanis seenduubeen barattootaa (deddeebi'aa/Frequency/fi % parasantii) qacceeffameera.Kunis ragaan argaman hundi akkaataa walfakkeenya qabaniin iddoo adda addaatti qoodamuun gabateeffamanii deebiin odeeffannoo kennitootaan kennaman lakkoofsaafi dhibeentaan erga kaa'amanii booda odeeffannoo kana irratti hundaa'uun hiikaafi ibsi ga'aan kennameera.

Gamabiraattiin,ragaan mala funaansa daawwannaafi afgaafiitiin argaman hundi mala xiinxala qorannoo akkamtaatiin ibsi bal'aafi gadi fageenya qabu irratti kennamuudhaan qaama xiinxala qoranichaa keessatti hamachiisuun dhihaateera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAA FI IBSA RAGAALEE

## Seensa

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoo qormaata barattootaa, mata duree dhiyaate keessaa filachuun qormaata dandeettii seerlugaa dhiyaate,bargaaffii barattootaa, afgaaffii barsiisotaafi odeeffannoo sakatta'a barruulee irraa argame qaaccessuu, xiinxaluufi ibsuu agarsiisa.

Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala sadarkaa dandeettii seerlugaa barattoota afaan Oromoo kutaa 11^ffaa^fi 12^ffaa^ mana barumsaa sadarkaa 2ffaaSarboo sadrkaa isaan irra jiran qaacceffamee ibsa barbaachisu waliin boqonnaa kana jalatti dhihaateera.Odeeffannoon sassaabamee qaacceffamee ibsa waliin dhihaate kunis, madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa fayyadamuun kan argameedha. Qorattittiif madda ragaa tokkoffaa ta‟uun odeeffannoo kan kennan barattootaafi barsiitota mana barumsaa Sarboo.Maddi ragaa lammaffaan qormaata Afaan Oromoo kutaa 11^ffaa^fi 12^ffaa^ qorattittiin qophaa'e mana barumsa kana keessatti kennamaa turan.

Ragaaleen qorumsaa dandeettii seerlugaa barattoota irraa argaman gosa gosaan erga lakkoofsaan kaa'amaanii booda dhibbeentaatti jijjiiramanii jiru.Kana malees,odeeffannoon afgaaffii barsiisotaa irraa argame of eeggannoodhaan ibsamee jira.Malli ragaaleen ittiin qaaccessamanis ragaalee qorumsa dandeetti seerluuga fi afgaaffii barsiisotaa irraa argaman mala ammamtaan, ragaalee afgaaffii barattootaa fi barsiisoota irraa argaman ammoo, mala akkamtaan gargaaramuudhaan raawwatame.Ragaaleen hirmaattoota qorannoo karaa addaddaatiin funaanaman mala makootiin qaaccessamanii ibsamanii jiru.

Xiinxala bakka qormaatni keessa bahe ilaalchisee: Gabateen 1 fi 2 akka walii galaatti gosa gilgaalaa dhihaatan irratti kan xiyyeeffatedha.Haaluma kanaan immoo, Shaakaloota gilgaalota kitaaba barattotaa keessaa bahan kan mullisu dhihaannaan gilgaala seerlugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaa keessaa funaanamanii gabatee 4.1.jalattti kahamaniiru.

## 4.1. Akakuwwaan seerlugaa walii galaatti kitaabilee kanneen keessatti dhihaatan

**Gabatee 1: Xiinxala gosoota gaaffiilee caaslugaa KBAO (kutaa 11)bara maxxansaa 2005**

| T/L | Mataduree jiran | Boqonnaa |
|---|---|---|
| 1 | Birsaga ijaaruufi qooduu | 1 |
| 2 | Dhamjecharraa fufilee baasuu | 1 |
| 3 | Maqaaleefi Maqibsoota adda baasuu | 2 |
| 4 | Bamaqaalee bakka duwwaa guutuu | 3 |
| 5 | Fufilee yaasaafi hortee adda baasuu | 4 |
| 6 | Walsimannaa matimaa,antimaafi gochimaa | 5 |
| 7 | Gaaleefi ciroo adda baasuu | 6 |
| 8 | Gosoota himaa adda baasuu | 7 |
| 10 | Henna Ammeennaafi R. Ammeennaa adda baasuu | 8 |
| 11 | Jechoota diigalafi hennaa Amsiqaa | 9 |
| 12 | Henna Darbennaafi R. Darbennaa adda baasu | 10 |
| 13 | Henna Tarsiqaa adda baasanii ibsuu | 11 |
| 14 | Gochimaafi henna Muranaa | 12 |
| 15 | Henna Muranaalaa adda baasuun ibsuu | 13 |
| 16 | Gochibsoota fayyadammuun hima ijaaruu | 14 |
| Ida’ama | 16 | |

Haaluma kanaan immoo, xiinxala gaaffilee gilgaalota kitaaba barattotaa keessaa bahan kan mullisu dhihaannaan gilgaala caasluga kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 12ffaa keessaa funaanamanii gabatee 2.jalattti kahamaniiru.

**Gabatee 2: Xiinxala gosoota gaaffiilee caaslugaa KBAO (kutaalee 12)bara maxxansaa 2005**

| T/L | Mataduree jiran | Boqonnaa |
|---|---|---|
| 1 | Maqaafi gosoota maqaa adda baasuu | 2 |
| 2 | Diigalaafi gaalee adda baasuu | 3 |
| 3 | Maqibsoota baasuun akaakuu isaanii ibsuu | 4 |
| 4 | Shaakala Dhamjechootaa | 5 |
| 5 | Walsimannaa matima, antimaafi gochima | 6 |
| 6 | Durduubee himoota keessaa baasuu | 6 |
| 7 | Gochimoota himoota keessaa baasi | 6 |
| 8 | Fufiileefi gosoota isaanii adda baasuu | 6 |
| 9 | Gochimoota darbeeyyiifi faldarbeeyyii | 7 |
| 10 | Dhamjechoota walitti firoomsuu | 7 |
| 11 | Himoota keessaa bamaqaalee baasuu | 7 |
| 12 | Gochibsaafi gosoota isaanii adda baasuu | 8 |
| 13 | Otoolaafi otooltaa adda baasuu | 8 |
| 14 | Walqabsiistoota himoota keessaa baasuu | 10 |
| 15 | Gaalee himoota keessaa baassuu | 10 |
| 16 | Ciroofi gosoota isaanii adda baasuu | 10 |
| 17 | Bamaqa iyyafannoo bakka duwwatti guutuu | 16 |
| 18 | Durduubeefi gosoota isaa adda baasuu | 18 |
| Ida’ama | 18 | |

Akkuma gabatee (1) keessaatti ibsame, gilgaalonni seerilugaa lakkoofsan kan kutaa 11fi 12 kudha ja’aa (16)fi kudha saddeet (18) walduraa duubaan ta’an guutaman kitaabaAfaan Oromoo

kutaa 11fi 12 keessatti dhihaatani jiru. Gilgaalota dhihaatan kanneen keessaa boqonnaa gara boqonnaattis ta'e kutaadhaa gara kutaatti deddeebi'anii kan dhihaatan baayyee muraasadha. Akkasumas, deddeebii keessatti dabalaa deemuun qabiyyee waan barbaachisuuf kunis, baay'ee kan mul'atu miti.

Ibsi ragaa kana olii kan mul'isu dhihaannan gilgaala seerlugaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 hanqina kan qabu ta'uusaaati. Dhihaannaa gilgaalota seersluga keessaa kan ogeeyyiin barnootaa xiyyeeffannoo itti kennan amma ta'e dhamjeechaafi fufilee baasuudha.

Akka qorattittiin sakatta'a kitaabaarra mirkaneeffatetti, kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 keessatti gilgaalota seerlugaa bifa walitti fufinsaafi dagaagina qabuun akka dhihaatuuf xiyyeeffannoon itti hinkennamne.Agarsiistu kanaa kanta'uu danda'u boqonnaawwan 17 fi 18 kitaabilee barataa kutaa 11fi 12 walduraa duuban keessatti gosonni dhihaatan muraasa ta'urrayyu darbee boqonnaalee hunda keessatti hindhihaanne. Fakkeenyaaf, KBAO kutaa 11 boqonnaalee kanneen akka 15, 16fi 17 akkasumas, KBAO kutaa 12 boqonnaalee 1, 9, 11, 12, 13, 14,fi 15 keessatti waa'een caaslugaa gonkumaa hindhihaanne. Akkasumas, kanneen dhihaatanillee matasaa muraasa isaanii irraa kanhafe qofa qofaa dhihaachuu isaanii mul'isa. Fakkeenyaaf, kanneen qofaa dhihaatan kanneen akka: birsaga, maqaaleefi maqibsota, bamaqaalee, walsimannaa caasaalee himaa, gaaleefi ciroofi kkf fa'a kaasuun nidanda'ama. Kunammo, walitti fufinsaan kitaabileen kunniin rakkina qabaachhuu isaanii ibsa. Akkasumas,walitti fufinsi rakko qaba taanan dagaaginni kanmul'atu achi keessatti waan ta'eef walbu'uureffachuun dabalaa yookiin guddachuu deemuunis hanqina akka qaban namatti agarsiisa. Kanas, fakkeenyuma gubbaatti ka'e kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Asiratti, qorattittiin gilgaalonni dhihaatan gosota seerlugaa garaagaraa haadhiheessan malee gosonni dhihaatan sun deddeebi'anii akka dhufaniifi dabalaa akka deemaan taasisurratti malee baay'inaan dhihaachuurratti miti yaanni kenname. Dabalatan, odeeffannoon bargaaffii barattootaafi afgaaffii barsiisotaa irraa argame, argannoo kana kan cimsudha. Innis kitaabilee barnootaa kanneen keessatti haala dhihaanna gilgaalota seerlugaa shaakalchisuuf qophaa'an xiyyeeffannoon kan itti hinkennamne ta'uu isaati.

## 4.2. Odeeffannoo Seendubee Barattootaa

## Gabatee 3: Odeeffannoo seendubee barattootaa

| Jijjiiramoota(Variables) | Qoqqoddii | Baay'ina barattoota Seenduuba deebii kennitootaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Kutaa 11 | | Kutaa 12 | |
| | | Baay'na | % | Baay'na | % |
| Saala | Dhiira | 24 | 37.5 | 18 | 33.3 |
| | Dubara | 40 | 62.5 | 36 | 66.7 |
| | Ida'ama | 64 | 100 | 54 | 100 |
| Umurii | 15-20 | 53 | 82.8 | 37 | 68.5 |
| | 21fi isaa ol | 11 | 17.2 | 17 | 31.5 |
| | Ida'ama | 64 | 100 | 54 | 100 |
| Afaan barnootaa | Afaan Oromoo | 64 | 100% | 54 | 100% |
| | Ida'ama | 64 | 100% | 54 | 100% |
| Hira kitaabaa fi baratаa | Dhuunfaadhaan | - | - | - | - |
| | Cimdiidhaan | - | - | - | - |
| | Gareedhaan | - | - | - | - |
| | Tooftaa biro | 64 | 100% | 54 | 100% |
| | Ida'ama | 64 | 100% | 54 | 100% |

Akkuma gabatee (3) irraa hubachuun danda'amutti,gama piroofaayilii barattootaatiin, dhimma saalan walqabatee kutaa 11ffaa dhiira 24(%37.5), dubara40 (%62.5),Ida'ama 64(%100); kutaa 12ffaa dhiira 18(%33.3), dubara36 (%66.7),Ida'ama 54(%100) kun kan agarsiisu deebii kennittonni irra caalaan isaanii dubartoota turan. Umurrin walqabatee, Barattoonni umuriin isaanii waggaa 15-20 gidduu 90 (%76.27) yemmuu ta'an, kan waggaa 21fi isaa olii ammo 28 (%23.72) walitti 118 (%57.86) kan ta"antu jiru.Barattootni gaaffii kana gaafataman keessaa harki caalaan isaanii umuriin isaanii waggaa 16-20 ture,.kanarra kan hubannu barattootni kutaa 11ffaafi 12ffaa umurii kutaa kannf akka imaammata biyyaa keenyaa fudhatamee keessa jirachuufi qormaata qophaa'ees itti yaadanii hojjechuu danda'u jedhamee amanama.Barattootni hundi isaanii yookiin 118(%100) afaan dhalootaa afaan oromoo kan dubbachuu danda'aniidha. Barattootni kutaa 11ffaafi kutaa 12ffaa kitaaba barataa tooftaa biro kan argataniidha.Akkas

jechuun barattoonni akka dareetti kitaaba tokko lama bitatanii itti fayyadamuu yaalaniiru. Kun ammo kan agarsiisuu hanqinni kitaabaa dandeettii isaaniiratti dhiibbaa guddaa fiduu danda’a.

## 4.3. Xiinxala Ragaalee

### 4.3.1. Sadarkaa Dandeetiin Seerluuga Barattootaa

Mata duree kana jalatti sadarkaan dandeettii seerluga barattoota kutaa 11[ffaa]fi 12[ffaa] mana barumsaa Sarboo sadarkaa 2ffaa ilaalchise qabiyyee gosoota seerluga kitaabilee kutaa lamaan kanneen keessatti argaman hunda keessaa qormaata barreeffamaa kutaa 11[ffaa]f gaaffilee digdamii-shan(25);fi kutaa 12[ffaf] f ammo gaaffilee digdama(20) Sababani baay’inni gaaffilee walcaalaniifis qabiyyeen barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffa qabiyyeeb isaa bal’aa waan ta’eefidha.Fknf Hennaan qofti akaakuu 8 (saddeetuu jira.Qormaanni qorattittii dhaan qophaa’ee akka barattootni qoramanii,bu’aan qormaata soroorfamerraa adda bahees qacceessaa kutaa kanaaf kaayyoo gaaffii tokkoffaa adda baasuuf dhihaateera.Akkasumas kaayyoo mataduree kanaa murteessuuf xiinxallii isaa gabateewwan sadiin dhihaateera:isaanis kan kutaa11[ffaa] ,kutaa12[ffaa] fi kan waliigalaa ti.

Qormaatni seerlugaa kun mata duree kitaaboota kutaa 11ffaafi 12ffaa jiru mara ofkeessatti qabatee qopha’eera.Isaanis :a,caasaa jechaa gadii: birsaga, dhamjecha,fi fufii;b. Garee jechootaa (maqaa, bamaqaa, maqibsi, gochimaafi durduubii); c. Gaalee, ciroofi hima (Salagun, R. L. A, 2 021); d, hennaafi otoola. ; e, Walsimannaafi;f) walqabsiiftuu

Haaluma walfakkaatuun,qorannoo kana keessatti sadarkaa dandeettii seerlugaa barattootaa murteessuu keessatti firii qormaataa isaan argatan irratti hundaa’uun akka hayyuun C. ROSALES A., and M. ILAGAN (2019) fayyadameetti “sadarkaa dandeettii olaanaa” kan jedhaman dhibbeentaa 75-100 argatanii haala sirrii ta’een hojiirra oolchuu danda’anitti fayyadame; Sadarkaa dandeettii giddu galeessaa” kan qaban barattoonni giddugaleessaan seera naannoowwan seerlugaa hojiirra oolchuun dhibbeentaa 50- 74 kan argataniidha; “Sadarkaa dandeettiigadana” kan beekumsi seerlugaa barattootaa naannoowwan akaakuu isaa irratti qaban qabxii dhibbeentaa 25-49n daangeffame; fi “sadarkaa dandeett hin qaban” kan jedhaman barattoonni beekumsa xiqqoo qabaniifi yeroo muraasaaf seera seerlugaa sirrii ta’e kabajuu fi hojiirra oolchuun dhabuun qabxii dhibbeentaa 0-24 kan argatan yoo ta’eedha.

### 4.3.1.1. Sadarkaa Dandeetiin Seerluuga Barattoota Kutaa *11*ffaa

Kutaa kan jalatti dhimmoota sadarkaa dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 11ffaa mana barumsaa Sarboo murteessuuf firii qormaata gosa adda addaa kangaaffilee digdamii-shan(25) ofkeessaa qabu barattoota 64 kennameera.Akkasumas qabiyyee seerlugaa akkaataa itti isaan walfakkataaniin kutaa adda addaa ja'a (6) tti qoodamee qacceessaa kutaa kanaaf dhihaateera.Isaanis a).caasaa jechaa gadii: birsaga, dhamjecha,fi fufii;b).Garee jechootaa (maqaa, bamaqaa, maqibsi, gochimaafi durduubii) tiishoo; c). hennaa; d) Gaaleefi ciroo; e) Walsi mannaafi f) Hima ta'u.

Gabatee 4 Dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 11ffa

| Murteessituu | Qabxii 25 keessaa | Qabxii 100 keessaa | Barattoota Kutaa 11ffaa | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Baayina(f) | Parasantii(%) |
| Sadarkaa olaanaa | 18.75-25 | %75-100) | 2 | %3.3 |
| Sadarkaa giddugaleessaa | 12.5-18.75 | %50-74 | 37 | %57.8 |
| Sadarkaa gadaanaa | 6.25-12.5 | % 25-49 | 23 | %36 |
| Sadarkaa daran gadaanaa | 0-6.25 | %0-24 | 2 | %3.1 |
| Waliigala | | | 64 | %100 |
| Mean(Avereeji) | | | Ave= 52.18 | |
| SD | | | 12.44 | |

- Hub. **%25 keessaa** **%100 keessaa**

  Sadarkaa olaanaa 18.75-25 %75-100
  Sadarkaa giddugaleessaa 12.5-18.75 %50-74
  Sadarkaa gadaanaa 6.25-12.5 % 25-49
  Sadarkaa daran gadaanaa 0-6.25 %0-24

**Istaandardii deveshinii** jechuun safartuu deetaan giddugaleessaan walqabatee hangam akka faca'e agarsiisu dha.

**Mean(Avereeji)** jechuun giddugaleessa ykn gatii baay'ee walitti qabama lakkoofsota keessatti argamudha.

Gabatee 4 irraa tarree 1ffaa irratti wanti mul'atu bu'aa qormaata kutaalee seerluga sadarkaa barattootaa addaan baasuu ilaalchisee barattoonni 2 yookiin parantiin(%3.3) dandeettii sadarkaa olaanaa(%75-100),barattoni 37 yookiin parasantiin (%57.8) immoo sadarkaa dandeettii

giddugaleessaa (%50-74);barattootni 23 yookiin parasantiin (%39) sadarkaa dandeettii gadaanaa yemmuu ta’an, barattootni 2 yookiin parasantiin (%3.1) sadarkaa dandeettii daran gadaanaa irraa jiru. kana jechuun irracaalaan barattootaa kanaa 64 keessaa barattootni kutaa 11ffaa 37 parasantiin (%57.8)n sadarkaa dandeettii giddugaleessaa keessatti hammatamu.

Walumaagalatti dandeettiin seerluga barattoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa qacceessa firiin qormaataan avereejii(mean) 52.18 fi Istaandardii deveshinii 12.44 tti shallagameera. Kun kan agrsiisu gosti seerlug kana akka ragaa bu’aan xiinxala qormaataatti sadrkaa gidduugaleessa irrati argama.Kana jechuun dandeettiin barattoota hamma barbaadame akka hin taanne nutti mul’isa.

## 4.3.1.2. Sadarkaa Dandeetiin Seerluuga Barattoota Kutaa 12ffaa

Kutaa kan jalatti dhimmoota sadarkaa dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 12 ffaa mana barumsaa Sarboo murteessuuf firii qormaata gosa adda addaa kangaaffilee digdama (20) ofkeessaa qabu barattoota 54 kennameera. Akkasumas qabiyyee seerlugaa akkaataa itti isaan walfakkataaniin kutaa adda addaa torba (7) tti qoodamee qacceessaa kutaa kanaaf dhihaateera.
Isaanis a).caasaa jechaa gadii: dhamjechaafi fufii; b). Garee jechootaa (maqaa, bamaqaa, maqibsi, gochimaafi durduubii); c). hennaa; d) Gaalee, ciroofi hima (Salagun, R. L. A, 2021). e) Walsimannaa; f) walqabsiiftuufi G) otoola jedhamu.

Gabatee 5. Dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 12ffaa

| Murteessituu | Qabxii 20 keessaa | Qabxii 100 keessaa | Barattoota Kutaa 12ffaa | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Baayina(f) | Paresantii(%) |
| Sadarkaa olaanaa | 15-20 | %75-100) | 8 | 14.9% |
| Sadarkaa giddugaleessaa | 10-15 | %50-74 | 37 | 68.6% |
| Sadarkaa gadaanaa | 5-10 | % 25-49 | 9 | 16.8% |
| Sadarkaa daran gadaanaa | 0-5 | %0-24 | - | - |
| Waliigala | | | 54 | 100% |
| Meen(Avereeji) | | | Ave= 58.96 | |
| SD | | | 12.19 | |

- Hub.**%20 keessaa %100 keessaa**

| | | |
|---|---|---|
| Sadarkaa olaanaa | 15-20 | %75-100 |
| Sadarkaa giddugaleessaa | 10-15 | %50-74 |
| Sadarkaa gadaanaa | 5-10 | % 25-49 |
| Sadarkaa daran gadaanaa | 0-5 | %0-24 |

Akkaataa Gabatee 5 keessatti wanti mul'atu firii qormaatagosoota seerluga sadarkaa barattootaa addaan baasuu ilaalchisee barattoota 8 yookiin parasantiin(%14.9) dandeettii sadarkaa olaanaa (%75-100), barattoni 37 yookiin parasantiin (%68.6) immoo sadarkaa dandeettii giddugaleessaa (%50-74) yemmuu ta'an, barattootni 9 yookiin parasantiin (%16.8) sadarkaa dandeettii gadaanaa irraa jiru. kana jechuun irracaalaan barattootaa kanaa 54 keessaa barattootni kutaa 12ffaa 37 parasantiin (%68.6)n sadarkaa dandeettii giddugaleessaa (moderate) ta'anii argamaniiru.

Haluma walfakkaatuun, dandeettiin seerluga barattoota Afaan Oromoo kutaa 12 ffaa qacceessa firiin qormaataan avereejii(mean)58.96 fi Istaandardii deveshinii 12.19 tti shallagameera. Kun kan agrsiisu gosti seerluga kannenii akka raga bu'aan xiinxala qormaataatti sadrkaa gidduugaleessa irrati argama.Kana jechuun dandeettiin seerluga barattoota kuticha lafa bira gahamuu qabu akka hingeenye nutti agarsiisa.

Gabatee 6. Dandeettii seerluga barattoota afaan Oromoo kutaa 11ffafi12ffaa

| Murteessituu | Qabxii 100 keessaa | Barattoota Kutaa 11ffaafi12ffaa | |
|---|---|---|---|
| | | Baayina(f) | Parasantii (%) |
| Sadarkaa olaanaa | %75-100) | 10 | %8.5 |
| Sadarkaa giddugaleessaa | %50-74 | 74 | %62.7 |
| Sadarkaa gadaanaa | % 25-49 | 32 | %27.12 |
| Sadarkaa daran gadaanaa | %0-24 | 2 | %1.69 |
| Waliigala | | 118 | %100 |
| Meen(Avereeji) | | Ave= 55.57 | |
| SD | | 12.32 | |

Gabatee 6 waliigalaa keessatti wanti mul'atu firii qormaata gosoota seerluga sadarkaa barattootaa addaan baasuu ilaalchisee barattoota 10 yookiin parasantiin (8.5%) dandeettii sadarkaa olaanaa (%75-100), barattoni 74 yookiin parasantiin (62.7%) immoo sadarkaa dandeettii giddugaleessaa (%50-74) yemmuu ta'an, barattootni 32 yookiin parasantiin (27.12%) sadarkaa dandeettii gadaanaa yemmuu ta'an, barattootni 2 yookiin parasantiin (1.69%) sadarkaa dandeettii hinqabne keessatti ramadamu. kana jechuun baayyeen barattootaa

Afaan Oromoo kutaa 11ffaafi 12ffaa kanaa 118 keessaa barattootni 74 parasantiin (62.7%)n sadarkaa dandeettii giddugaleessaa keessatti argamu.

Haluma walfakkaatuun,dandeettiin seerluga barattoota Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaa qacceessa firiin qormaataan avereejii (mean) 55.57 fi Istaandardii deveshinii 12.32 tti shallagameera. Kun kan agrsiisu gosti seerluga kannenii akka raga bu'aan xiinxala qormaataatti sadrkaa gidduugaleessa ta'ee argameera.Kana jechuun dandeettiin seerluga barattoota kuticha lafa bira gahamuu qabu akka hintaanne nutti mul'isa.

### 4.3.2. Gosoota Seeralugaa Keessa kan Barattootaatti Baay'ee Ulfaatan Addaan Baasuu

Mataduree kana jalatti gosoota seerlugaa kaayyoo tokkoffaa qormaataa keessatti ibsameen walhidhatee kan barattootaatti baayyee ulfaatu kan kutaa 11ffaafi 12ffaa adda baasne dhiyeessuu ta'a.

Haaluma kanaan kan kutaa 11[ffaa] ilaalchisee qabiyyee seerlugaa akkaataa itti isaan walfakkataaniin kutaa adda addaa shan (5) tti qoodamee qacceessaa kutaa kanaaf dhihaateera.Isaanis a).caasaa jechaa gadii: birsaga, dhamjechafi fufii; b). Garee jechootaa ( ma qaa, bamaqaa, maqibsi, gochimaafi durduubii) tiishoo; c). hennaa; d) Gaaleefi ciroo;fi hima,fi e) Walsimannaa ta'u.

Gabatee 7.Gosoota seerlugaa keessa kan barattootaatti baay'ee ulfaatan Ilaalchisee:Kutaa 11

| TL | Gosoota Seerluga | Baayina | | | Parasantaa(%) | Sadarkaa olaanaa | | Sadarkaa giddugaleessaa | | Sadarkaa gadaanaa | | Sadarkaa daran gadaanaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gaaffiilee | Gaaffilee baayina barattootaa waliin | Gaaffilee sirriitti deebi'ee | | F | % | F | % | F | % | F | % |
| 1 | Birsaga,dhamjechaa fi fufii | 4 | 4x64=256 | 152 | 59.37 | 31 | 48.5 | 22 | 34 | 10 | 15.6 | 1 | 1.6 |
| 2 | Garee Jechootaa | 8 | 8x64=512 | 269 | 52.44 | 7 | 11 | 40 | 62.6 | 15 | 23.4 | 2 | 3.2 |
| 3 | Hennaa | 8 | 8x64=512 | 254 | 49.61 | 9 | 14 | 34 | 53.1 | 19 | 29.7 | 2 | 3.2 |

| | | | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 4 | Gaaleefi ciroo,hima | 3 | 3x64=192 | 126 | 65.62 | 32 | 50 | 29 | 45. | - | - | 3 | 4.7 |
| 5 | Walsimannaa | 2 | 2x64=128 | 70 | 54.68 | | 54. | - | - | - | - | 29 | 45. |

Iddattoo (n)=64

Gabatee 7 tarree 1ffaa irratti wanti argamu dhimma kutaalee seerluga:Birsaga,dhamjechaafi fufii ilaalchisee walitti gaaffileen 4 qophaa’ee barattoota 64f dhihaateera.Kunis waliigalaan gaaffilee 256 ta’u keessa barattootaan deebii sirriin deebi’e 256 parasantiin(%59.37) shallaggiin kennameera..Akkasumas barattootni 31 yookiin parasantiin(.%48.5) dandeettii sadarkaa olaanaa,barattoni 22 yookiin parasantiin(.%34) immoo sadarkaa dandeettii gidduu galeessaa; barattootni 10 yookiin parasantiin (%.15.6) sadarkaa dandeettii gadaanaa yemmuu ta’an. barataan 1 yookiin parasantiin (%.1.6) sadarkaa dandeettii daran gadaanaa ta’ee argameera. Kun kan mul’isu gosti seerluga kana akka ragaaan bu’aa xiinxala qormaataatti waliigalaan sadrkaa gidduugaleessa irrati argama. Kana jechuun dandeettiin barattoota hamma barbaadame akka hintaanne nuttti mul’isa.

Akkaataa Gabatee 7 tarree 2ffaa irratti wanti mul’atu dhimma kutaalee seerluga: Garee jechootaa ( maqaa, bamaqaa, maqibsi, gochimaafi durduubii) ilaalchisee walitti gaaffileen 8 qophaa’ee barattoota 64f bifa qormaata barreeffaman dhihateera.Kunis waliigalaan gaaffilee 512 ta’u keessa barattootaan deebii sirriin deebi’e 269 parasantiin (%52.44) tti shallagameera. Haluma walfakkaatuun barattootni 7 yookiin parasantiin (%11) dandeettii sadarkaa olaanaa,barattoni 40 yookiin parasantiin(%.62.6) immoo sadarkaa dandeettii gidduu galeessaa; barattootni 15 yookiin parasantiin (%.23.4) sadarkaa dandeettii gadaanaa yemmuu ta’an. barattootni 2 yookiin parasantiin (.%3.2) sadarkaa dandeettii daran gadaanaaakka ta’e ragaan qacceeffamerraa argameera. Kun kan agarsiisu akaakuun seerluga kana akka raga bu’aan xiinxala qormaataatti waliigalaan sadrkaa gidduugaleessa irrati argama. Kana jechuun dandeettiin barattoota hamma barbaadame akka hintaanne nuttti ibsa.

Gabatee 7 tarree 3ffaa irratti hundaa’uun dhimma kutaalee seerluga:gosoota “henna” ilaalchisee walitti gaaffileen saddeeti (8) qophaa’ee barattoota 64f kennameera.Kunis waliigalaan gaaffilee 512 ta’u keessa barattootaan deebii sirriin deebi’e 254 parasantiin(%49.61) shallaggiin argameera.. Akkasumas barattootni 9 yookiin parasantiin (.%14) dandeettii sadarkaa olaanaa, barattoni 34 yookiin parasantiin(.%53.1) immoo sadarkaa dandeettii gidduu galeessaa;

barattootni 19 yookiin parasantiin (%.29.7) sadarkaa dandeettii gadaanaa yemmuu ta'an. barattootni 2 yookiin parasantiin (.%3.2) sadarkaa dandeettii daran gadaanaa ta'ee argameera. Kun kan mul'isu gosti seerluga kana akka raga bu'aan xiinxala qormaataatti waliigalaan sadrkaa gadaanaa irrati argama.Kana jechuun dandeettiin barattoota hamma barbaadame akka hintaanne nuttti mul'isa.

Akkaataa Gabatee 7 tarree 4 ffaa irratti wanti mul'atu dhimma kutaalee seerluga: Gaalee, ciroofi hima ilaalchisee waliigalaan gaaffileen 3 qophaa'ee barattoota 64f bifa qormaata barreeffaman dhihateera.Kunis waliigalaan gaaffilee 192 ta'u keessa barattootaan deebii sirriin deebi'e 126 parasantiin (%65.62) tti shallagameera. Haluma walfakkaatuun barattootni 32 yookiin parasantiin (%50) dandeettii sadarkaa olaanaa,barattoni 29 yookiin parasantiin(%45.3) immoo sadarkaa dandeettii gidduu galeessaa; barattootni sadarkaa dandeettii gadaanaa jiran kan hinjirree yogguu ta'an. barattootni 3 yookiin parasantiin (%4.7) sadarkaa dandeettii daran gadaanaa akka ta'e ragaan qacceeffamerraa argameera. Kun kan agarsiisu akaakuun seerluga kana akka ragaabu'aan xiinxala qormaataatti waliigalaan sadrkaa gidduugaleessa irrati argama.Kana jechuun dandeettiin barattoota lafa ga'amuuf yaadame xiqqoo hanqatee akka jiru nuttti mulisa.

Haluma walfakkaatuun Gabatee armaan olii tarree shan (5) ffaa irratti wanti agarsiisuwaa'ee kutaalee seerluga:walsimaannaa ilaalchisee waliigalaan gaaffiilee 2 qophaa'ee barattoota 64f bifa qormaata barreeffaman dhihateera Kunis waliigalaan gaaffilee 128 ta'u keessa barattootaan deebii sirriin deebi'e 70 parasantiin (%54.68) tti shallagameera. karaa walfakkaatuun barattootni 35 yookiin parasantiin (%54.7) dandeettii sadarkaa olaanaa yogguu ta'an ,barattootni 29 yookiin parasantiin (.%45.3) sadarkaa dandeettii daran gadaanaa dha. Haata'u malee, barattootni sadarkaa dandeettii giddu galeessaafi gadaanaa gosa seerlugaa kana irratti kan hinjirree akka ta'e ragaan qacceeffamerraa argameera. Kun kan agarsiisu akaakuun seerluga kana akka ragaa bu'aan xiinxala qormaataatti waliigalaan sadrkaa gidduugaleessa irrati argama. Kana jechuun dandeettiin barattoota hamma eegame akka hintaanne nuttti mul'isa.

WalumagalattiGosoota seeralugaa keessa kan barattoota kutaa 11ffaa baay'ee ulfaatan ilaalchisee kutaalee seerlugaa bakka shanittti adda bahee keessa"hennaa"ta'ee argameera. Sababni isaagaaffilee barattootaan deebii sirriin deebi'eparasantiin(49.61%)fiwaliigalaan barattootni sadarkaa dandeettii gadaanaa ta'ee waan argamaniifiidha.

Kutaa 12ffaa ilaalchisee qabiyyee seerlugaa akkaataa itti isaan walfakkataaniin garee adda addaa ja’a (6) tti qoodamee qacceessaa kutaa kanaaf dhihaateera.Innis a).caasaa jechaa gadii:dhamjechafi fufii; b). Garee jechootaa ( maqaa, maqibsi, gochimaafi durduubii) bamaqaa, tiishoo; c). hennaafi otoola; d) Gaaleefi ciroo; e) Walsimannaa ;fi f) Walqabsiiftuu ta’u.

Gabatee 8. Gosoota seeralugaa keessa kan barattootaatti baay’ee ulfaatan Ilaalchisee Kutaa-12

| TI | Gosoota Seerluga | Baayina | | | Parasantaa(%) | Sadarkaa olaanaa | | Sadarkaa giddugaleessaa | | Sadarkaa gadaanaa | | Sadarkaa daran gadaanaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gaaffiilee | Gaaffilee baayina barattootaa waliin | Gaaffilee sirriitti deebi’ee | | F | % | F | % | F | % | F | % |
| 1 | Dhamjechaafifufii | 2 | 2x54=108 | 58 | 53.7 | 12 | 22.2 | 34 | 63 | , | , | 8 | 14.8 |
| 2 | Garee Jechootaa | 11 | 11x54=594 | 343 | 57,8 | 6 | 11.2 | 30 | 55.6 | 18 | 33.4 | | |
| 3 | Hennaafi Otoola | 3 | 3x54=162 | 112 | 69.1 | 32 | 59.3 | 21 | 38.9 | | | 1 | 1.9 |
| 4 | Gaaleefi ciroo | 2 | 2x54=108 | 38 | 35.2 | 9 | 16.7 | 21 | 38.9 | | | 24 | 44.4 |
| 5 | Walsimannaa | 1 | 1x54=54 | 48 | 88.8 | 48 | 88.9 | | | | | 6 | 11.1 |
| 6 | Walqabsiiftuu | 1 | 1x54=54 | 37 | 68.5 | 37 | 68.5 | | | | | 17 | 31.5 |

Baay’ina (n)=54

